



DAGAAGINA OGUMMAA WALITTIFUFAA BARSIISOTA SADARKAA 1FFAA, SADARKAA 2FFAA HOGGANTOOTAA FI SUPPARVAAYZAROOTA ITOOPHIYAATIIF

Tuulkitii Gochaa



Ministeera Barnootaatiin Qophaa'ee

Biiroo Barnoota Oromiyaatiin

Afaan Oromootti kan Hiikame


Onkololeessa Bara 2002

BAAFATA

Mata duree **Fuula**

Seensa ---------- 1
Tuulkitichi eenyuufi? ---------- 1
Tuulkitii kana akkamitti itti fayyadamta?----------2
Mallattooleen kunniin maalii ---------- 3
Mana Barnootaa T.K ---------- 4
Gulantaa 1 Fedhiiwwan DOW xiinaluu ---------- 8
Isaan fedhiiwwan eenyuuti? ---------- 8
Fedhiiwwan mana barnootaa kee akkamitti murteessita? ------- 10
Walduraa duuba fedhiiwwan DOW mana barnootaa kee akkamitti murteessita? ----------13
Gulantaa 2 Fedhii DOW karoorsuu ---------- 19
Karoora waggaa DOW akkamitti xumurta? ---------- 19
DOWtiif akkamitti yeroo argatta? ---------- 27
Moojulii DOW kan mana barnootaa akkamiin karoorsita? --------- 35
Gulantaa 3 DOW raawwachuu ---------- 66
Gulantaa 4
DOW akkamitti madaalta? ---------- 68
Inni itti aanu maali? ---------- 73
Muuxannoo dhuunfaa DOW ---------- 75
Kitaabolee Wabii ---------- 80

Seensa



Itoophiyaan DOWtiif fireemworkii haaraa kan “Dagaagina Ogummaa Walittifufaa Barsiisota Sadarkaa 1ffaa, sadarkaa 2ffaa fi dura bu’ootaa fi supparvaayzaroota Itoophiyaa” jedhu qopheessitee jirti.

Fireemworkiin haaraan kun jechuun DOW, caalmaatti manneen barnootaa fi barsiisota - kan mana barnootaa irratti hundaa’uudha. Tuulkitiin kun fireemworkicha hojii irra oolchuuf sigargaara.

Kana jechuun, manni barnootaa, kan gochuu qabu,

- fedhii dagaagina ogummaa walittifufaa isaanii addaan baasu;
- karoora waggaa DOW qopheessu;
- moojulii DOW mana barnootaa qiyyaasuun qopheessu.

Tuulkitichi eenyuufi?

Isin dura - bu’aadhaa?
Isin qindeessaa DOWtii?
Isin barsiisaa/tuu dhaa?
Isin supparvaayizara yookiin leenjisaa hojii leenjii hojii irraatii?
Isin haala mijeessaa barnoota bu’uuraa filannoo addaa yookiin barnoota ga’eessotaatii? Yoo kana ta’e tuulkiticha ittifayyadamuu dandeessu.

Dhimmi tuulkitii kanaa maali?

Yoo mana ijaaruu barbaaddan, dursa meeshaa sirrii hojiif barbaachisutti fayyadamtu. Fakkeenyaaf, akaafaa bu’uura manichaa qotuuf, nyaataa-muraa muka adda addaa ittiin muruuf. Tuulkitiin kun meeshaalee bifa gochaaleetiin akka isin DOW karoorsitanii fi hojii irra oolchitan isin dandeessisuudha.


Jijjiirama akkamii arguu barbaaddu?
Fooyya’insa qulqullina barnootaa karaa:
Fooyya’insa firii barattootaa; fooyya’insa sochii daree;
Barsiisonni gahumsa ogummaa barsiisummaa isaanii fooyyessuun barsiisota gaarii ta’uuti.
Kun dhimma DOWti.

Qorannoowwan idiladdunyaa hundi kan ibsan, DOW kan inni bu’a-qabeessa ta’u yoo

- mana barnootaa irratti hundaa’ee fi fooyya’insa mana barnootaa waliin walitti hidhateedha;
- miiltoowwan sochii dhuunfaa isaanii fooyyessuuf, bu’a-qabeessummaa mana barnootaa isaanii fooyyessuuf, dhuma irrattis firii barattoota isaanii fooyyessuuf yoo waliin hojjetaniidha.

Tuulkitii kana akkamitti itti fayyadamta?

Geengoo DOW



Fakkiin kun kan agarsiisu gulaantaalee afran geengoo DOWti. Tuulkitichi gulantaalee kanneen akka hubattuu fi ittifayyadamtu sigargaara. DOWn bu’a-qabeessa akka ta’uuf, barsiisonni tokkoon tokkoon gulantaa irratti walitti fufuun sochii isaanii sakatta’uu qabu.

> Sakatta’uu jechuun waan hojechaa jirtuu fi innis hangam akka siif milkaa’e irratti calaqqee dhiyeessuudha. Yoo sirriitti hojii irra oolaa jira ta’e, karoora kee ittifufuu dandeessa. Yoo ta’uu baate, kaayyoowwan kee guuttachuuf waan jijjiiramuu qabu irratti murteessuu qabda.
> Kanaafi kan sakatta’uun handhuura fakkichaa irratti kan kaa’meefi.

Adeemsa hojii kana keessatti yeroo hunda miiltoo kee tokko waliin akka hojjettu sitti himna.

Tokkoon tokkoon gulantaa ibsa qaba. Isaanis;

- Tokkoon tokkoon gulantaatiif meeshaalee ati itti fayyadamuu dandeessu;
- Akkaataa ittifayyadamtu;
- Fakkeenyawwan guutuu kanneen mana barnootaa T.K irratti kennaman.

Kana booda meeshaalee kanneen mana barnootaa keetiif ittifayyadamta. Dhuma tokkoon tokkoon gulantaa irratti waa'ee barachuu keetii calaqqee akka dhiyeessitu gaafatamta. Barsiisaa calaqqee dhiyeessu ta'uuf dandeettii qabaachuun kee hojii irra oolmaa tuulkitii kanaaf barbaachisaadha.

Mallattooleen Kunniin Maali?

Akkamitti DOW bu'a-qabeessa ta'e akka qindeessitu tuulkitiin kun gorsa siif kenna.

- Yeroo mallattoo kana argitu, kana jechuun hojiin hojjetamu jira jechuudha.

Geengoo DOW xumuruuf gochaalee kanneen raawwachuu qabda.

Manni Barnootaa T.K jedhamu tokko tuulkitii kana keessatti galee jira. Innis fakkeenyawwan geengoo DOW akkamitti akka xumuraman siagarsiisuuf fayyada. Yeroo manni barnootichaa maqaa dhahamu, "barreeffama walitti hidhametu fayyada."



Fakkiin kun Mana Barnootaa T.K bakka bu'a.



Fakkiin kun barsiisaa Mana Barnootaa T.K bakka bu'a.

Ibsa waa'ee M.B. T.K fuula itti aanu irraa argachuu dandeessa.




Yoo fakkii kana argitu, kan hubattu waan cimsitee yaaddu tokko jira jechuudha.

Yeroo fakkii daawwitii kana argitu, waan baratte irratti calaqqee akka dhiyeessitu sirraa eegama jechuudha.



Mana barnootaa keetti DOW hojii irra oolchuu yaaluuf ofitti amanta moo ammallee shaakala dabalataa barbaadda?

Ma  llattoon hammattuu (folder) kun kan agarsiisu bakka ati dabalata itti argattuudha.
Yeroo dalagaalee mana barnootaa kee hojjettu, guca/unka duwwaa Dabalata keessa jiranitti fayyadami.

Mana Barnootaa T.K

Manni Barnootaa T.K fakkeenya ta'uuf kan kalaqameedha. Innis kan sifayyaduuf akkaataa ittifayyadama meeshaalee tuulkiticha keessaa osoo mana barnootaa keetti hojii irra hin oolchin akka shaakaltuufi.

Waa'ee mana barnootichaa kan barsiisonni barreessan kunoo siif dhiyaateera. Kan isaan qopheessaniif milkaa'inaa fi fedhiiwwan mana barnootaa isaanii akka hubataniifi.

Atis odeeffannoo bal'aa walfakkaatu waa'ee mana barnootaa kee kan marsaa DOW hojii irra oolchuuf sifayyadu sibarbaachisa.

Manni Barnootaa T.K Sadarkaa Tokkoffaa magaalaa guddaa irraa 40 km fagaata. Barattoota kutaa 1-8 2100 qaba. Innis baadiyyaatti kan argamu waan ta'eef, barattoonni dhaqaa-galaa 20 km deeman qaba.
Koochoodhaan/dabareedhaan hojjeta. Barsiisonni baay'een dabaree lamaan keessaa hojjetu. Barsiisota 54tu jiru. Bara kana barsiisota haareyyii 11tu jiru. Barsiisonni 18 ammallee satifiiketii malee dippiloomaa hin qaban.

Barattoota marsaa lammaffaa caalaa kanneen marsaa tokkoffaatu baay'ata. Baay'inni barattootaa kutaa keessaa giddu-galeessaan dabalaa jira. Marsaa tokkoffaa keessatti barattoonni 76 yoo ta'an, marsaa lammaffaatti immoo 63. Waggoota darban sadan keessatti baay'inni barattoota qaro-dhabeeyyii dabaleera. Kanaafuu, amma barattoota qaroo-dhabeeyyii 25tu mana barnootichaa jira.

Akkuma barsiisota haareyyii 11, dura bu'aan mana barnootichaas haaraadha. Maqaan isaanii Abdiidha. Umriin isaanii waggaa 31. Mana barnootaa biroo aanicha keessaatti barsiisaa herregaa turani.



Supparvaayizarri aanichaa kan mana barnootichaaf deggarsa kennan Obbo Hasan jedhamu. Isaanis hojichaaf haarawa. Obbo Hasan leenjii waa'ee sirna barnootaa isa haaraa Biiroo Barnootaa Naannootiin kenname irratti hirmaachaa turan. Kitaabolee barataa fi mala madaallii isa haaraa kitaabolee barnoota Fiiziksii fi Afaan Ingilizii marsaa 2ffaa qophaa'e arganiiru.

Akka ragaa barnootaa Aanichaa fi Biiroo Barnootaa Naannichaatti barattoonni kutaa 1-5 fi walumatti kutaa 1-8 jiran manni barnootichaa hojii gaarii akka hojjetee fi harcaatiin akka xiqqaate beekameera. Barattoonni 68%




ta’an kutaa 5ffaa yoo gahan, 50% immoo kutaa 8ffaa gahaniiru. Lakkoofsonni kunniin kan giddu-galeessaan akka naannoo fi biyyaatti fudhatamanii oli.

Haata’u malee, bara darbe reetiin harcaatii kutaa 1ffaa 21% yoo ta’u, irra caalaatti kan harca’an ijoollee dubaraati. Kana malees, reetiin irra deebii kutaa 3ffaa guddaa ture. Battalleewwan kutaa 4ffaa irratti firiin gosa barnootaa baay’ee gaarii ta’ee, kan barnoota herregaa 15%n gadi bu’eera. Kutaa 8ffaatti darbiinsi qorumsa gosa hundaatti 100% yoo ta’u, qabxiin barnoota Afaan Ingilizii kan ijoollee dubaraa 25%n kan warra dhiiraa irraa gadi ture. Haata’u malee, barattoota 162 kan kutaa 8ffaa keessaa barattoota 65 qofatu kutaa 9ffaa ittifufe.



Gargaarsa hawaasaa fi dhaabbata mit-mootummaa tokkoon kutaan haraan tokko ijaaramee tajaajila mana kitaabaaf akka oolu ta’eera. Kutichi meeshaaleen guutamee kitaabolee irra caalaa barnoota saayinsii fi herregaaf ta’an qaba. Manni kitaabaa kun ibsaa qaba; dhaabbanni mit-mootummaa sun kompiitaroota jalaa baatee afur arjoomeera. Sararri internetii hin jiru.

Barsiisonni baay’een waa’ee amala badaa barattootaa, keessattuu kan marsaa tokkoffaa, ilaalchisee dura-bu’aa isaan haaraatti komii isaanii dhiyeeffataa jiru. Barsiisonni akka jedhanitti, barattoonni isaan hin caqasani; baay’een isaanii, keessattuu ijoolleen dhiiraa, hoj-manee hin xumurani. Barattoonni guyyaafatanii (yeroo dabarsanii) dhufanis guyyaa guyyaatti waan baay’ataniif, yeroodhaan barumsa eegaluu dhabuun rakkoo dabalataati.



Obbo Abdiin barsiisonni hundi yoo barsiisan jalqaba torban yeroo dhufee daawwateera. Barannoowwan gaggaarii baay’ee argus, baay’een isaanii bifa walfakkaatuun dhiyaatu. Barsiisaan gabatee boronqii irratti barreessu; barattoonni achi irraa garagalfatu. Barattoonni

fakkeenyawwan kitaaba barataa keessaa hordofuun dalagu. Barsiisaan daree keessa naannawaa hojii barattootaa to’atu.

Obbo Abdiin gareewwan muraasni yoo waliin hojjetan arganiiru. Haata’u malee, barannoowwan baay’ee keessatti barattoonni waa’ee tapha kubbaa miilaa yeroo dabre daawwatanii yoo dubbatan dhagahameera.


Manni marii barattootaa cimaan kan dura-bu’aan bara dabre turan gurmeessan jira. Yeroo Obbo Abdiin miseensota mana marichaa waliin mari’atan muraasni isaanii hojiin baruu-barsiisuu barannoowwan tokko tokkoo akka isaanitti hin tollee fi mana barnootichaa waan isaan gammachiisu akka hin jirre ibsataniiru.



Barsiisota keessaa tokko Obbo Abdii waliin waa’ee hojii egeree isaanii mari’achuu fedhan. Barsiisaa Tolaa Jifaar kompiitaraan hojjechuu akka fedhanii fi Jimaata ganama shaakaluuf yoo yeroon jiraate gaafatan. Manni barnootichaa Haala-mijeessaa fi Koree DOW qaba. Barsiisonni hundi galmee ragaa dhuunfaa (portfoliyoo) qabu. Wayitiileen DOW yeroo hunda Kamisa waaree booda, erga hojiin barsiisuu xumuramee booda moojuloota qophaa’aniin gaggeeffamaa jira. Manneen barnootaa sana keessa moojuloota afur qofatu jira. Barsiisonni baay’een Afaan Ingilizii kan moojulichi ittiin qophaa’e hubachuuf rakkoo akka qaban komii isaanii dhiyeeffatu.

GULANTAA 1

FEDHIIWWAN DOW XIINXALUU



Gulantaa Xiqqaa 1

Isaan fedhiiwwan eenyuuti?

Gulantaa Xiqqaa 2

Fedhiiwwan mana barnootaa kee akkamitti murteessita?

Gulantaa Xiqqaa 3

Walduraa duuba fedhiiwwan DOW mana barnootaa kee akkamitti murteessita?

Gulantaa Xiqqaa 4

Walduraa duuba fedhiiwwan dhuunfaa DOW kee akkamitti murteessita?

Dhuma gulantaa kana irratti kan ati gochuu qabdu:

- fedhiiwwan DOW mana barnootaa kee adda baasuu;
- isaan kamtu baay'ee barbaachisoo akka ta'an murteessuu;
- irratti hojiechuuf sadi keessaa filatta

Fedhiiwwan DOW addaan baasuun, qaama karoora Fooyya'insa Mana Barnootaa ta'uu danda'a.

Gulantaa Xiqqaa 1

Isaan Fedhiiwwan Eenyuuti?



Itoophiyaa keessa fedhiiwwan DOW baay’eetu jiru. Isaanis namoota dhuunfaa fi gareewwan qofa osoo hin taane fedhii biyyaa of keessaa qabu.

Fakkeenya Fedhiiwwanii

Sadarkaa	**Fedhii**	**Fakkeenya**	**Eenyutu DOW fudhata?**
Dhuunfaa	Fedhii dhuunfaa adda bahe kan sadarkaa barnootaa fi haala barsiisuu fooyyessuu	Sadarkaa sartifikeetii irraa gara dippiloomaatti ol guddisuu. Barataa qaro-dhabeessa tokko daree keessatti akka baratu gargaaruu.	Dhuunfaa
Mana barnootaa	Fedhii mana barnootaa, marsaa, kutaa ykn gosa barnootaa hojii barataa fooyyessuuf adda bahe.	▪ Barachuu fi sadarkaa barattoota marsaa 1ffaa barnoota herregaa irratti fooyyessuu ▪ Dandeettii rakkoo hiikuu barattoota kutaa 10ffaa fooyyessuu.	Gareewwan barsiisotaa filataman. Barsiisota mana barnootaa hunda.
WGMB (CRC)	Adeemsa baruu-barsiisuu fooyyessuuf fedhii WGMB adda bahe.	Dandeettiiwwan gorsitootaa barsiisota haareyyii waliin hojjetanii fooyyessuu.	Gareewwan barsiisotaa filataman. Barsiisota mana barnootaa hunda Garee Hoggantootaa
Godina/ Aanaa/ Bulchiinsa	Fedhii godinaa/aanaa/bulchiinsa magaalaa hojii	Dandeettiiwwan dura-bu’ootaa fi supparvaayizarootaa	Dura-bu’oota, itti aantotaa fi supparvaayiza

a Magaalaa	barattootaa fooyyessuuf adda bahe.	karoora Fooyya'insa Mana Barnootaa qopheessuu irratti fooyyessuu.	roota
Naannoo	Fedhii naannoo kan manneen barnootaa naannichaa hunda irratti jijjiirama fidu adda bahe	Fedhiiwwan dura-bu'ootaa fi supparvaayizarootaa ragaalee funaanuu fi hiikuu irratti fooyyessuu.	Dura-bu'oota, itti aantotaa fi supparvaayiza roota
Biyyaa	Fedhii biyyaa kan manneen barnootaa biyyattii hunda irratti jijjiirama fidu adda bahe.	Barnoota Jireenya ummataa fi Maatii	Barsiisota, dura-bu'ootaa fi supparvaayiza roota hunda.

Gulantaa Xiqqaa 2



Fedhiiwwan mana barnootaa kee akkamitti murteessita?

Manni barnootaa gulantaa adda addaa kan keessa darbu qaba.

- ✓ fedhii dursaa kan aanaa, naannoo fi biyyaa adda baasuu;
- ✓ ummata dhimma mana barnootaa irratti hirmaatu waliin mari'achuu;
- ✓ fedhiiwwan DOW mana barnootichaa tarreessuudha.

1. Fedhiiwwan dursaa kan aanaa, naannoo fi biyyaa adda baasuu.

Fedhiiwwan dursaa DOW kan naannoo yookiin aanaa kee irratti dhiibbaa qaban addaan baasuuf Biiroo Barnootaa Naannichaa yookiin Aanaa qunnamuu yaadadhu.

2. Ummata dhimma barnootaa irratti hirmaatu waliin mari'adhu.

Fedhiiwwan mana barnootaa kee addaan baasuuf akka sigargaarutti, yaada

mana barnootichaa irratti kennamu sassaabbachuu sibarbaachisa.

Dhimmamtootaa fi maammiltoota mana barnootaa kee gaafadhu.

- Barattoota
- Barsiisota
- Maatii fi guddistoota
- Hawaasa naannawa sanaa.



Fakkeenyi Mana Barnootaa T.K. kunooti.

Barattoota hundaaf

Manni barnootaa keenya waan gaarii maal hojjeta?	**Manni barnootaa keenya maal fooyyessuu qaba?**
Manni kitaabaa hoj-manee hojjechuuf bakka gaariidha.	Barattoonni dhiiraa muraasni amala badaa qabu; barsiisonni waa'ee isaa waan tokko gochuu qabu.
Kompiitaroonni baay'ee gaariidha. Sababni isaas nuti kompiitaratti fayyadamuu danda'uu barbaanna.	Daree keessatti walirraa garagalchuu baay'ee dalagna.

Barsiisota hundaaf

Manni barnootaa keenya waan gaarii maal hojjeta?	**Manni barnootaa keenya maal fooyyessuu qaba?**
Manni barnootichaa manneen barnootaa aanicha keessatti argaman kaawwan caalaa harcaatiin barattootaa xiqqaadha.	Barattoonni mana barnootaa irraa akka hin hafne gochuu qabna.
Qorumsa Naannoo kutaa 8ffaa irratti firii gaarii argannee jirra.	Qulqullina baruu-barsiisuu barnoota herregaa marsaa tokkoffaa fooyyessuu qabna.

Maatii fi guddistootaaf

Manni barnootaa keenya waan gaarii maal hojjeta?	**Manni barnootaa keenya maal fooyyessuu qaba?**
Dura-bu'aa haaraan akkuma dhufaniin	Barsiisonni haareyyiin baay'een mana

barsiisonni yeroo barsiisan daree daawwataniiru.	barnootichaa jiru; isaanis barattoota sirriitti hin beekne.
Fiiriin qorumsaa kutaa 5-8 baay'ee gaariidha.	Manni barnootichaa baay'ina barattoota daree keessaa haala istaandardii eeguun xiqqeessuu qaba.

Miseensota hawaasa naannawa sanaaf

Manni barnootaa keenya waan gaarii maal hojjeta?	**Manni barnootaa keenya maal fooyyessuu qaba?**
Manni barnootichaa buusii maallaqaatiin ijaarsa fooyyessuuf carraaqaa jira.	Manni barnootaa oddoo kuduraa fi fuduraa qabaatee galii argachuun mana kitaabaaf kitaabolee bituu qaba.
Barattoonni ganama yoo mana barnootaa deeman namatti tolu; ni mimmiidhagu.	Barattoonni muraasni daree keessatti amala badaa akka agarsiisan dhageenya.

- Odeeffannoo mana barnootaa keetiif sibarbaachisu hunda dhimmamtootaa fi maammiltoota irraa sassaabi.
- Barsiisota hunda waliin walgahii gochuu qabda. Walgahicha irratti hunduu yaada akka gumaachu gaafadhu.
- Namoota biroo, barattootaa fi maatii waliinis walgahii walfakkaatu gaggeessuu dandeessa.
- Duub-deebii barreeffamaan sassaabuu dandeessa.
- Walgahii hawaasa waliin gaggeessuu dandeessa.
- Gucaalee duwwaan Dabalata keessaa si gargaaruu danda'u.

Ragaa sassaabuun kun akka qaama karoora Fooyya'insa Mana Barnootaatti dalagamuu danda'a.

3. Fedhiiwwan mana barnootaa tarreessi.

- Barsiisota hunda waliin walgahii gaggeessuun, hundumtuu yaada akka gumaachan taasisi.
- Waan manni barnootaa gaarii hojjete barreessi.
- Fedhiiwwan mana barnootaa hunda tarreessi.
- Yoo tarreeffamni fedhiiwwanii dheerate hin ajaa'insiifatiin.
- Fedhiiwwan tarreeffaman keessaa isaan kamtu baay'ee barbaachisoo akka ta'an akka irratti mari'ataniif barsiisota gaafadhu.



Fakkeenyi Mana Barnootaa T.K. kunooti.

Fedhiiwwan DOW	
Amala barattootaa, keessattuu kan ijoollee dhiiraa, fooyyessuu	Marsaa 2ffaatti herrega barsiisuu fooyyessuu.
Daree keessatti si'aayinaan barachuu dagaagsuun walirraa garagalchuu fi od-ibsa hambisuu.	Baay'ina barattootaa sadarkaa lammaffaa galanii dabaluu
	Barsiisota gorsitoota leenjisuun sadarkaa gahumsa barsiisuu barsiisota haareyyii dabaluu.
Sadarkaa barsiisotaa sartifikeetii irraa gara dippiloomaatti guddisuu.	
kan biroo, kan biroo ---	

- Amma egaa walgahii kee qopheessiitii fedhiiwwan DOW tarreessi.

- Waan gaarii hojjette kabajachuu/dinqisiifachuu hin dagatiin!

Gulantaa Xiqqaa 3

Walduraa duuba fedhiiwwan DOW mana barnootaa kee akkamitti murteessita?



Dursiitii fedhiiwwan mana barnootaa kee isaan baay’ee barbaachisoo ta’an murteessi.

Hojii kana raawwachuun, barsiisota hundaaf baay’ee rakkisaa ta’a. Barsiisota baay’een jiraachuu malu. Kanaafuu, barsiisota muraasa qabaachuudha. Kunis kan dura- bu’aa fi namoota armaan gadii qabate ta’a. Isaanis,

- Qindeessaa DOW mana barnootaa
- Supparvaayizara “ “
- Koree DOW “ “
- Barsiisota buleeyyii keessaa tokko
- Barsiisota biroo.

Tarreeffama fedhiiwwanii maammiltoota irraa sassaabde qabadhu. Dursii tarreeffamichi guutuu ta’uu mirkaneeffadhu. Kana booda fedhiiwwan mana barnootaa kee keessaa kanneen baay’ee barbaachisoodha jettu yoo baay’ate kudhan murteessi.

Itti aansee, kanneen murteessite keessaa isaan kamtu DOW waliin akka deeman ilaali.

Yaadadhu! Wantoonni DOW waliin deeman,

- ✓ barsiisaa gaarii/qaxalee akka taatu sigargaaru;
- ✓ barachuu barattootaa fi firii isaanii fooyyessuuf sigargaaru;
- ✓ sochii daree keessaa fooyyessuuf sigargaaru.

Amma egaa fedhiiwwan DOW sadii sibarbaachisa:
Hojiin kun salphaa miti!
Waa’ee gaaffiiwwan adda addaa sirriitti yaadi, yoo fedhiiwwan tartiibaan keessu.
Kan dhuga-qabeessa ta’ee?

Sirriitti hojjechuu dandeenyaa?
Amala yookiin firii barattootaa irratti jijjiirama fiduu danda’aa?
Baasii isaa dandeenyaa?
Ammaaf baay’ee ariifachiisaadhaa?



Fakkeenyi Mana Barnootaa T.K kunooti.

Kunniin fedhiiwwan keenya baay'ee barbaachisoodha.	**Kun DOW waliin walitti hidhataa? "Eeyyee" ykn "Lakkii"**
Marsaa 1ffaatti herrega barsiisuu fooyyessuu.	Eeyyee
Barsiisota haareyyiif gorsitoota leenjisuu	Eeyyee
Amala barattootaa fooyyessuu	Eeyyee
Mana barnootichaatti si'aayinaan barachuu dagaagsuu.	Eeyyee
Mana barnootichaatiif bishaan dhiyeessuu.	Lakkii
Yeroo kabajuu fooyyessuu	Eeyyee

Fedhiin dursaa mana Barnootaa T.K. keenyaa kan bara kanaa:

1. Mana barnootichaatti si'aayinaan barachuu dagaagsuu.
   Sababa filatameef
   Si'aayinaan barachuu dagaagsuun amala barattootaa, kabaja yeroo fi firii barattootaa irratti jijjiirama fida jennee yaanna. Dhimmichi ariifachiisaa fi humna maallaqaa keenyaan hojii irra oolchuun kan danda'amuudha.
2. Barsiisota haareyyiif gorsitoota leenjisuu.

Sababa filatameef

Barsiisota haareyyii 11 qabnu sirriitti gorsuun qulqullina baruu-barsiisuu fooyyessuuf gargaara. Manneen barnootaa WGMB jala jiranis hojii kana akka fedhii dursaatti fudhatu; kanaafis baasii walgargaaruu dandeenya.

3. Marsaa 1ffaatti herrega barsiisuu fooyyessuu

Sababa filatameef

Firiin marsaa 1ffaa herregatti hir'ateera; barnoota birootti garuu gaariidha.

Fooyya'insi marsaa 1ffaa, herrega marsaa 2ffaa keessatti barsiisuuf gargaara. Obbo Abdiin ogeessa barnoota herregaa waan ta'aniif DOW gaggeessuu danda'u.

Amma egaa walgahii kee qopheessiitii fedhiiwwan DOW baay'ee barbaachisoo ta'an tarreessi.

Tarreeffama fedhichaa ilaalii isaan kamtu DOW waliin akka deeman murteessi.

Isaan mana barnootaa keetiif barbachisoo ta'an sadii murteessi.

Isaan kunniin DOWtiif kanneen dursa argachuu qabaniidha.

Gulantaa Xiqqaa 4



Fedhiiwwan dursaa DOW kan dhuunfaa kee akkamitti murteessita?

"Ani barsiisaa gaarii ta'uun barbaada" yookiin " Ani dareetti gaarii ta'uun barbaada" kan jedhu gahaa miti.

Ofii kee kan of gaafachuu qabdu, "Isa gaarii ta'e argachuuf maal gochuun qaba?" isa jedhuudha.



Akka barsiisaatti hojii dalagde irratti calaqqee dhiyeessuu qabda.

Jalqaba milkaa’ina kee karaa ogummaa barsiisummaatiin jiru akkaataa yaada “Qajeelfama Biyyoolessaa Gahumsa Ogummaa Barsiisotaa” jedhuun of madaali. Isaanis;

1. Barachuu barattootaaf haala mijeessuu
2. Jijjiirama barattoonni fidan madaaluu fi gabaasuu
3. DOW gaggeessuu

Baruu fi Barsiisuu

- Dareewwan isaan kam keessattin gaariidha? Kun maaliifi?
- Kutaalee ani barsiisuuf natti ulfaatu jedhe jiruu? Kun maaliifi?
- Barattoonni ani sirriitti waliin hojjedhu yookiin waliin rakkoo qabu jiruu?
- Barannoo koo hunda of eeggannoo fi gadi fageenyaan nan karoorfadhaa?
- Barannoowwan koo sirriitti eegalanii sirriitti xumuramuu?
- Barannoowwan koo gochaalee adda addaa qabuu?
- Dhuma barannoo irratti barattoonni waan dhiyaateef barachuu isaanii maaliinan beeka?
- Meeshaalee deggarsa barnootaa gahaa qabaa?
- Waa’ee barsiisuu kootii barsiisota biroo waliin nan mari’adhaa?
- Beekumsi ani waanan barsiisu irratti qabu kan yeroo waliin deemuu?
- Matadureewwan ani sirriitti hin beekne jiruu?
- Dareen ani barsiisu kan nama gammachiisuu?
- Gahumsi ogummaa ani argachuuf nabarbaachisu hin jiruu?
- Ani fedhii biroo dhimma DOW irratti hin qabuu?

Hoggansaa fi Bulchinsa

- Yerootti sirriitti nan fayyadamaa?
- Sagantaa Fooyya’insa Mana Barnootaa nan hubadhaa?
- Baajata bulchuu irratti ani gaariidhaa?
- Ani dubbadhee sirriitti ofan ibsaa?
- Ani walgahii gaggeessuu irratti gaariidhaa?
- Sirriitti nan karoorsaa?
- Hojiif nama bakka nan buusaa?
- Bu’a-qabeessummaa fi milkaa’ina barsiisotaa hordofuu fi madaaluu irratti ani gaariidhaa? Dandeettiiwwan ogummaa ani argachuu qabu jiruu?
- Fedhiiwwan DOW kan biroo qabaa?

Gaaffiiwwan armaan olii waa’ee kee barsiisota biroo gaafachuu dandeessa. Barsiisonnis waa’ee fedhiiwwan kee akka yaaddu sigargaaruu danda’u. Barattootas yaada isaanii gaafachuu dandeessa.

Cimina dhuunfaa fi dhimmoota fooyya’uu qaban tarreessi.



Fakkeenya Mana Barnootaa T.K.

Simboo Milkii

Ciminni kiyya maali?	**Dhimmoota ani fooyyessuu barbaadu**
Miiltoowwan kiyya ani bariisota biroo gargaaruu irratti gaariidha jedhu.	Barattoota fedhii addaa qaban barsiisuu
Ani barnoota aadaa (Esteetiksii) barsiisuun jaaladha. Sababni isaas ani gochaalee daree keessatti sochiin agarsiifaman baay’een yaada.	Ani herrega barsiisuun jaaladha; garuu firiin barattootaa gadi aanaadha. Kanaafuu, waanan sirriitti barsiisu natti hin fakkaatu.
Barattoonni akka na jaalatan natti himu. Sababni isaas ani rakkoo isaan natti himaniin dhaggeeffadha.	Sadarkaa barnootaa kiyyaan sartifiiketii irraa dippiloomaatti guddifachuu fedha.

Kanaafuu, fedhiiwwan sadan DOW kiyyaa,

1. Barattoota fedhii addaa qaban barsiisuu fooyyessuu;
2. Barnoota herregaa barsiisuu fooyyessuu;
3. Barnoota kiyya gara dippiloomaatti fooyyessuudha.

Gochaalee dursa argachuu qaban sadan irratti hojjechuudhaan,

Gahumsa Ogummaa Barsiisotaa Biyyoolessaa ilaalchisee milkaawuu nan danda’a.

Yeroo fedhiiwwan DOW irratti calaqqee dhiyeessitu, guca/gabatee guutuu qabda. Isas Dabalata keessaa koppii isaa argachuu dandeessa.
Wantoota gaarii/cimaa itti taate sadii filadhu.
Wantoota fooyyessuu qabdu keessaa sadi filadhu.
Kun waa’ee fedhiiwwan DOW akka yaaddu sigargaara.

Ciminni kee barsiisonni biroon fedhii DOW isaanii akka guuttatan isaan gargaaruu sidandeessisa.

Wantoota sadeen ati dursa kenniteefii akka fooyyessitu murteessite, fedhiiwwan dursaa DOW kee ta’u. Ati amma egaa Karoora Waggaa DOW kee xumuruuf qophiidha.



Calaqqee

Kun waan ati amma gochuu qabduudha.

- Fedhiiwwan DOW mana barnootaa kee adda baasuu.
- Fedhiiwwan isaan baay’ee barbaachisoo ta’an murteessuu.
- Irratti hojjechuuf sadan isaanii filachuudha.


Hubannoo fi milkaa’ina sochii kee irratti calaqqee dhiyeessi.

Amma gulantaa “xiinxala” DOW raawwachuuf ofitti amantaa?

Shaakala dabalataa barbaaddaa?

GULANTAA 2

FEDHIIWWAN DOW KAROORSUU



Gulantaa Xiqqaa 1

Karoora waggaa DOW akkamitti xumurta?

- Wantoota dursi kennamuuf addaan baasi.
- Ittigaafatamummaa, akkaataa yeroo fi jijjiirama isaan fidan murteessi.
- Tokkoon tokkoon dhimma dursa argachuu qabu jettuuf jijjiirama/ bu'aa isaan fidan addaan baasi.

Gulantaa Xiqqaa 2

Moojula DOW mana barnootaa akkamitti karoorsita?

Moojulli mana barnootaa, walitti qabaa wayitiilee xixiqqaa karoorfamanii kanneen DOW bu'a-qabeessa gochuudhaaf qophaa'aniidha.

Gulantaa xiqqaa 3

Wayitiilee xixiqqaa DOW akkamitti karoorsita?

Tokkoon tokkoon wayitii xixiqqaa DOWf malaa fi gochaalee baay'ee gaarii ta'an filadhu.

DOWtiif karoorsuun, mana barnootaa guutuuf karoorsuu dabalata. Kunis gareewwan hundaaf karoorsuu fi nama dhuunfaaf karoorsuudha.

Gulantaa xiqqaa 1

Karoora waggaa DOW akkamitti xumurta?



Dhuma gulantaa xiqqaa gulantaa karoorsuu kana irratti kan ati gochuu qabdu;

- DOW karoorsuun barbaachisaa ta'uu beekuu;
- Walitti hidhannaan karoora mana barnootaa, kan gareewwanii fi dhuunfaa gidduu jiraachuu isaa hubachuu;
- Karoora waggaa DOW kan mana barnootaa fi kan dhuunfaa yeroo kennameef wajjin qopheessuudha.

Gulantaa xiqqaan kun kutaa lamatti hirama:

Kutaa inni tokkoffaan karoora waggaa DOW kan mana barnootaa guutuu isaa akka qopheessituuf sigargara.

Kutaan lammataa namoonni dhuunfaa karoora waggaa DOW akka qopheeffataniif isaan gargaara.

Karoora Waggaa Guutuu DOW Mana Barnootaa

Wantoota dursi kennameef sadan gulantaa “Xiinxaluu” keessatti filataman fudhadhu.

Wantoota dursi kennamuuf sadan roga hojii dursaa DOW keessatti barreessuun karoora waggaa DOW mana barnootaa kee jalqabi.
Koppiin guca karoora waggaa DOW ittiin qopheessan Dabalata keessa jira.

Hojii dursaa mana barnootaa guutuuf DOW barsiisota hundaaf

Hojii dursaa keessan sadan keessaa tokko barsiisota hunda dabalachuun isaa barbaachisaadha. Innis daree barnootaa irratti jijjiirama fiduu qaba.

Hojiiwwan dursaa mana barnootaa guutuu

Isaanis kanneen armaan gadii dabalatu:

- Baruu-barsiisuu keessatti hirmaannaa barattootaa.
- Hojii barsiisuu karoorsuu irratti fooyya’insi jiraachuu.
- Tooftaalee bu’a-qabeessa ta’an kanneen madaallii walittifufaa gaggeessuuf oolan.
- Barattoota hunda hirmaachisuu.
- Mana barnootaa guutuu keessatti amala barattootaa fooyyessuu.
- Mana barnootaa guyyuu dhaquu fi keessaa hafuu barattootaa hambisuu.

Hojiiwwan dursaa kan biroo - DOW barsiisota muraasaaf

Hojiiwwan dursaa muraasni barsiisota tokko tokkoof barbaachisoo miti; garuu, fooyya’insa mana barnootaatiif walumaagalatti barbaachisoodha. Hojiiwwan dursaa kanneeniif barsiisota muraasa qofatu hirmaata.

Hojiiwwan dursaa kan biroon kanneen armaan gadi ta’u:

Hojii dursaa	**Barsiisota hirmaatan**

Marsaa 1ffaatti herrega barsiisuu fooyyessuu	Barsiisota herregaa marsaa 1ffaa
Sirna gorsaa gaarii isaa qopheessuu	Barsiisota gorsitoota ta’anii ramadaman
Portifoliyootti fayyadamuu irratti hoggansa cimsuu	Dura-bu’aa fi supparvaayizara



Fakkeenya Mana Barnootaa T.K

Karoora Waggaa DOW Mana Barnootaa

Maqaa: Mana Barnootaa T.K.

Hojii dursaa DOW	**Eenyutu DOW irratti hirmaata?**	**Eenyutu ittigaafata a-maadha?**	**Yoom jalqabee yoo xumurama?**	**Jijjiirama maal arguu feena?**
1. Mana barnootaa guutuutti si’aayinaan barachuun, hojii irra oolchuu				
2. Barsiisota haareyyiif gorsitoota leenjisuu.				
3. Marsaa 1ffaatti herrega barsiisuu fooyyessuu.				

Guca qophii karoora waggaa kan Dabalata keessa jiru irratti hojii dursaa mana barnootaa kee guuti.
Roga isa jalqabaa irratti qofa “Hojii dursaa DOW” guuti.

Itti aansee roga sadan ittifufaa guutta. Isaafis yaadoleen sigargaaran armaan gaditti dhiyaataniiru.

DOW keessatti eenyutu hirmaata?

Hojiin dursaa kun tokkoon tokkoon barsiisaa mana barnootichaa hirmaachisaa?

Gareewwan barsiisotaa muraasa, fakkeenyaaf Muummee yookiin marsaa keessaa hirmaachisaa?

Barsiisota muraasa, fakkeenyaaf miseensota manajimantii qofa hirmaachisaa?

Eenyutu ittigaafatamaa ta'a?

Tokkoon tokkoon hojii dursaatiif namni tokko ittigaafatamaa ta'uu qaba. Kana jechuun namni ittigaafatamaa ta'e waan hunda gurmeessa jechuu miti. Ittigaafatamoonni namoota biroo waliin hojjechuun hojiiwwan akka jedhamanitti adeemuu isaanii ilaalu.

Yoom jalqabee yoo xumurama?

Yeroon kennamuufiin barbaachisaadha. Kunis hojiin dursaa DOW yoom akka jalqabamuu fi yoom akka xumuramu. Hojiiwwan tokko tokko waggaa guutuu fudhatu; tokko tokko samiisteratti; tokko tokko immoo ji'atti xumuramu. Hojiiwwan dursaatiif sa'aatii hangam akka fudhatu agarsiisuunis barbaachisaadha.



Fakkeenya Mana Barnootaa T.K.

Karoora Waggaa DOW Mana Barnootaa

Maqaa: Mana Barnootaa T.K.

Hojii dursaa DOW	**Eenyutu DOW irratti hirmaata?**	**Eenyutu ittigaafatamaa dha?**	**Yoom jalqabee yoom xumurama?**	**Jijjiirama maal arguu feena?**
1. Mana barnootaa	Barsiisota marsaa	Qindeessaa 1ffaa fi 2ffaa		

guutuutti si’aayinaan barachuu hojii irra oolchuu	1ffaaa fi 2ffaa hunda	hunda		
2. Barsiisota haareyyiif gorsitoota leenjisuu	Barsiisoota hunda	Dura-bu’aa	Jalqaba samiistera 1ffaa hanga dhuma samiistera 2ffaa	
3. Marsaa 1ffaatti herrega barsiisuu fooyyessuu	Barsiisota herregaa marsaa 1ffaa fi 2ffaa hunda	Dura-bu’aa Muummee Barnoota Herregaa	Jalqaba samiistera 1ffaa hanga dhuma isaatti	

DOW irratti eenyutu hirmaata?
Eenyutu ittigaafatamaadha?
Yoom jalqabee yoom xumurama?

Koppii guca karoora waggaa DOW Dabalata keessaa fudhuu, hojiiwwan dursaa mana barnootaa keetiif roga sadan guuti. Roga isa afraffaa dhiisi.

Jijjiirama maal arguu feena? (Bu’aalee)

Rogni kun baay’ee barbaachisa.

- Dhuma hojii dursaa DOWtti, maaltu jijjiiramuuf ta’a?
- Jijjiiramuu isaa akkamitti beekta?

Kun yeroo hunda hojjechuuf salphaa miti.

Yeroo muraasa fudhuu, bu’aa maal argachuu akka feetu itti yaadi. Jijjiirama/bu’aalee kanneen safaruu danda’uu qabda.

Gulantaa 4ffaa “Madaaluu”tti fayyadamuu qabda ta’a. Kunis dokumantii kana keessatti kaaraalee jijjiirama ittiin madaaltu si agarsiisuu danda’a.



Fakkeenya Mana Barnootaa T.K.

Karoora Waggaa DOW Mana Barnootaa

Maqaa: Mana Barnootaa T.K.

Hojiiwwan Dursaa DOW	**Eenyutu DOW irratti hirmaata?**	**Eenyutu ittigaafat amaadha?**	**Yoom jalqabee yoom xumurama?**	**Jijjiirama maal arguu feena?**
1. Mana barnootaa guutuutti mala si’aayinaan barachuu hojii irra oolchuu	Barsiisota marsaa 1ffaa fi 2ffaa hunda.	Qindeessaa DOW	Jalqaba samiisteera 1ffaa hanga dhuma samiistera 2ffaatti	Baruu-barsiisuu keessatti hirmaannaan barattootaa dabalame. Firiiwwan qorumsa hundaa fooyya’eera. Amalli barattootaa fooyya’eera, keessattuu kan warra dhiiraa.
2. Barsiisota haareyyiif gorsitoota leenjisuu	Gorsitoota hunda	Dur-bu’aa	Jalqaba samiistera 1ffaa hanga dhuma samiistera 2ffaatti	Gorsitoonni gahee isaanii bahuuf ofitti amanoodha. Karoorsuun, barsiisuunii fi madaaluun hojii barsiisota haareyyii fooyya’eera.

3. Marsaa 1ffaatti herrega barsiisuu fooyyessuu	Barsiisota herregaa marsaa 1ffaa hunda	Dura-taa'aa Muummee Barnoota Herregaa	Jalqabaa hanga dhuma samiisteera 1ffaatti	Daawwannaan daree hojiin barsiisuu fooyya'uu isaa agarsiiseera. Firiin battallee herregaa firii barnoota biroo waliin yoo ilaalamu giddu-galeessaan fooyya'eera. Barattoonni herregatti gammadu.

Jijjiirama maal arguu feeta?
Karoora waggaa DOW mana barnootaatti fayyadamuun, roga kana jalatti hojiiwwan dursaa mana barnootaa keetii guuti.
Yaadadhu, wantoota jijjiiraman kanneen madaaluu danda'uu qabda.

Karoora waggaa DOW kan dhuunfaa kee qopheessuu

Hanga ammaatti hojiiwwan dursaa DOW sadii addaan baafattee jirta.
Amma immoo isaan addaan baafte tartiiba barbaachisummaa isaaniitiin kaa'uu qabda. Dhimma kana irratti miiltoo kee gaafachuu dandeessa. Amma egaa karoora waggaa DOW kee xumuruuf qophiidha.

Jalqaba irratti hojiiwwan dursaa kan biyyaa, naannoo fi mana barnootaa kan si hirmaachisu dabaluu qabda. Kana booda, yoo yeroon irraa siif hafe, hojii dursaa kan ofii keetii dabali. (Yeroon DOWtiif kennamu kutaa itti aanu keessatti ibsama.)



Fakkeenya Mana Barnootaa T.K

Karoora waggaa dhuunfaa DOW

Maqaa: Simboo Milkii

Hojiiwwan	Eenyutu	Eenyutu	Yoom	Jijjiirama maal arguu feena?

Dursaa DOW	**DOW irratti hirmaata?**	**ittigaafat amaadha?**	**jalqabee yoom xumurama?**	
1.Mana barnootaa guutuutti mala si’aayinaan barachuu hojii irra oolchuu	Barsiisota marsaa 1ffaa fi 2ffaa hunda	Qindeessaa DOW	Jalqaba samiistera 1ffaa hanga dhuma samiistera 2ffaatti	Baruu-barsiisuu keessatti hirmaannaa barattootaa dabalame. ▪ Firii barattootaa kutaa hundatti fooyya’eera. ▪ Amalli barattootaa, keessattuu kan warra dhiiraa fooyya’eera.
2. Herrega barsiisuu marsaa 1ffaatti fooyyessuu	Barsiisota herregaa marsaa 1ffaa hunda.	Dura-ta’aa Muummee Barnoota Herregaa	Jalqaba samisteera 1ffaa hanga dhuma samiistera 1ffaatti	Daawwannaan daree, baruu-barsiisuun fooyya’uu agarsiiseera. ▪ Firiin battallee herregaa firii barnoota biroo waliin yoo ilaalamu giddu-galeessaan fooyya’eera. ▪ Barattoonni herregatti gammadu.
3. Barattoota fedhii addaa barsiisuu fooyyessuu	Anaa fi miiltoo kiyya	Anaa fi miiltoo kiyya	Jalqaba samisteera 2ffaa hanga dhuma samiistera 2ffaatti	Meeshaaleen barnootaa fedhii addaa guutuuf qophaa’aniiru. Barattoonni barnoota hunda keessatti hirmaataniiru

Karoora DOW kee xumuri..

Yaadadhu! kan irraa ka’uu qabdu hojii dursaa mana barnootaa, naannoo fi biyyaati.

DOWtiif akkamitti yeroo argatta?



Tokkoon tokkoon barsiisaa mana barnootaa waggaatti sa’aatii 60 DOWtiif oolchuu qaba.

Waan addaa!

Barsiisonni haareyyiin koorsii madaqsinaa akka DOWtti hojjetu. Barsiisonni kunniin waggaa lamaan jalqabaatiif DOW ilaalchisee waan biraa hojjechuun isaan irraa hin eegamu. Yoo fedhan hojii DOW kan biroo keessatti hirmaachuu danda’u.

Hojiiwwan maalfa’atu sa’aatii 60 sanaaf qabama?

Hojiiwwan DOW kamiyyuu kanneen Ogummaa “fooyyessuu” waliin deeman, garuu kan ba’aa hojii barsiisaan yeroo mara dalagu hin taane, sa’aatii jahatama sanatti lakkaawwamuu danda’u.



Fakkeenyawwan yeroo kanneen qaama sa’aatii 60 DOWtiif kennamanii ta’an

- Workishooppii DOW, walgahii barsiisotaa yookiin marii garee irrati hirmaachuu.
- Barsiisaan biroo yeroo barsiisu daawwachuu.
- Waliin karoorsuu yookiin miiltoo waliin karoora madaaluu.
- Akka qaama DOWtti dandeettiiwwan gorsuu shaakaluu.
- Mana barnootaa biroo daawwachuu.
- Gareen barsiisuu (barsiisaa biroo waliin daree keessatti hojii hojjechuu)



Fakkeenyawwan yeroo kanneen akka qaama sa’aatii DOWtiif kennamanii hin taane

- Sagantaa barsiisuu qabame keessatti shaakala barsiisuu gochuu.
- Yeroo gorsaa muuxannoo qabu taatetti barsiisota haareyyii gorsuu.
- Barnoota ofii sartifikeetii irraa gara dippiloomaatti fooyyeffachuu.
- Koorsota gannaa hordofuu.

Akkaataa Gulantaa 1 “Fedhiiwwan DOW Xinxaluu, jalatti ibsametti fedhiiwwan deggartoota /dhimmamtoota adda addaa irraa dhufu.

Isaaniis:

- Dhuunfaa irraa
- Muummeewwan
- Manneen Barnootaa
- Wiirtuu Gurmuu Manneen Barnootaa /CRC/
- Aanaalee
- Naannoo fi Godina
- Biyya irraati.

Manni barnootaa yeroo tokko tokko fedhii Biyyaa hojjechuun yeroo isaa dabarsa. Yeroo tokko tokko immoo fedhii naannoo fi aanaa ilaala. Isaan kun hundi qoodinsa sa’aatii 60 waggaatti kennameedha.

Yeroo tokko tokko fedhiin sadarkaa adda addaa irraa dhufuu dhiisuu danda’a. Kanaaf manni barnootaa sa’aatii 60 kennamee hunda fedhii mana barnootaa fi dhuunfaa isaatiif oolcha.

Waggaan dhufee darbu hundi adda adda ta’a.

Karoora DOW mana barnootaa fi qoodinsa yeroo kee dura murteessi.
Itti aansuun karoora dhuunfaa kee xumuri. Qoodinsi yeroo kun tilmaama yeroo tokkoon tokkoon hojii dursi kennameefiiti. Innis akkaataa moojulii karoorsituun jijjiiramuu danda'a, ykn akka bu'aa irra deebii yeroo moojulli hojii irra ooluu ta'uu danda'a.

Fakkeenya akkaataa yeroo DOW itti gargaaramuun danda'amu.
Fakkeenya 1
Barsiisonni hundi sa'aatiidhuma walqixa hojjetu. Sababni isaas dhimmoonni dursa kennamaniif barsiisoota hunda waan ilaalaniif. Fakkeenya kana keessatti tokkoon tokkoon sa'aatii DOW barsiisaa hojii dursaa kan biyyaa, naannoo fi mana barnootaatiif kennameera.

Ramaddii yeroo mana barnootaa

 ***Dhimmoota dursaa mana barnootaa***	**Madda fedhii**	**Barsiisota hirmaatan**	**Yeroo waliigalaa sa'aatii 60**
Beekumsa Barnoota Ummataa fi Jireenya Maatii babal'isuu	Biyyooleessa	Barsiisota hunda dura bu'aa dabalatee	15
Qulqullina poortifooliyoo fooyyeessuu	Naannoo	Barsiisota hunda dura bu'aa dabalatee	15
Madaallii walittifufaa mana barumsaa keessatti hojii irra oolchuu	Mana barumsaa	Barsiisoota hunda dura bu'aa dabalatee	30

Ramaddii yeroo kan barsiisaa dhuunfaa

 Dhimma dursa kooti	**Madda fedhii**	**Barsiisota**	**Yeroo waliigalaa**

akka barsiisaa mana barumsaatti		**hirmaatan**	**sa’aatii 60**
Beekumsa Barnoota Ummataa fi Jireenya Maatii fooyyeessuu	Biyyooleessa	barsiisaa hunda dura bu’aa dabalate	15
Qulqullina poortifooliyoo fooyyeessuu	Naannoo	barsiisaa hunda dura bu’aa dabalate	15
Madaallii walittifufaa mana barumsa keessatti hojiirra oolchuu	mana barumsa	barsiisaa hunda dura bu’aa dabalate	30

Fakkeenya 2

Manni barumsaa wanta dursa kennuuf irratti xiyyeeffachuu qaba. Sababni isaas kan biyyooleessaaf ta’e kan naannoof waan dursa kennaniif hinqaban. Fakkeenya kana keessatti barsiisaan tokkoon tokkoon isaa sa’aatii 60 keessaa hanga ta’e dhimmoota dursaa DOW dhuunfaaf faayadama.

Ramaddii yeroo mana barnootichaa

 ***Dhimmoota dursaa mana barnootaa***	**Madda fedhii**	**Barsiisota hirmaatan**	**Yeroo waliigalaa sa’aatii 60**
Yeroon argamuu fi hordoffii haalaanii(attendance)	mana barumsaa	Barsiisota hunda	20
Mala keemistirii gochaan barsiisuu	Mana barumsaa	Brsiisoota keemistirii	20
Qabxii battallee Afaan Ingilizii kutaa 8ffaa	mana barumsaa	Barsiisota Afaan Ingilizii	20

fooyyeessuu			

Ramaddii yeroo barsiisaa keemistirii marsaa 2ffaa

Akka barsiisaa saayinsii marsaa 2ffaatti mana barumsaa keessatti dhimmoota ani dursa kennuuf	Madda fedhii	Barsiisota hirmaatan	Yeroo waliigalaa sa’aatii 60
Yeroon argamuu fi hordoffii haalaanii	Mana barumsaa	Barsiisota hunda	20
Mala keemistirii gochaan barsiisuu	Mana barumsaa	Barsiisota keemistirii	20
Dhimmoota dursaa dhuunfaa kootii	dhuunfaa	ana	20

Fakkeenya 3

Fakkeenya kana keessatti dhimma dursa kennameef tokko qofa irratti barsiisonni mana barumsaa hundi ni hirmaatu. Inni kun sa’aatii 40 fudhata. Kanaafuu, barsiisonni baay’ee sa’aatii 20 hafe qabu. Sa’aatii 20 hafe kana DOW dhimma dursa kennameef kan dhuunfaaf fayyadamu.

Ramaddii yeroo mana barnootaaf kenname

 **Dhimmoota dursaa mana barnootaa**	**Madda fedhii**	**Barsiisota Hirmaatan**	**Yeroo waliigalaa sa’aatii 60**
Ragaa xiinxaluu irratti dandeettii fooyyeessuu	Aanaa	Dura bu’aa, itti aanaa dura bu’aa fi supparvaayizara CRC	20

Dandeettii gorsaa fooyyeessuu	CRC	Gorsitoota barsiisota haareeyyii	20
Hirmaannaa barachuu barattootaa mana barnootaa guutuu keessatti fooyyeessuu.	Mana Barnootaa	Barsiisota hundaa Dura bu'aa dabalatee	40

Qooddinsa yeroo barsiisaa Barnoota Aadaa Marsaa 1ffaa

Akkaataa marsaatiin dhimmoota ani dursa kenneef. Mana barumsichaa keessatti Barsiisaa Barnoota Aadaa	**Madda Fedhii**	**Barsiisoota Hirmaatan**	**Yeroo walii galaa sa'aatii 60**
Hirmaannaa barachuu barattootaa mana barnootaa guutuu keessatti fooyyeessuu.	Mana Barnoota a	Barsiisota hunda Dura bu'aa dabalatee	40
Dhimmoota ani dhuunfaan dursa kenneef	Dhuunfaa	Ana	20

Fakkeenya 4

Fakkeenya kana keessatti barsiisonni hedduun sa'aatii kennameef 50 qabu. Dhimmoota dursaa DOW isaanii irratti sa'aatii 10 dabarsuu danda'u. Sa'aatii dabalataa fudhachuus danda'u. Fakkeenya kana keessatti, barsiisonni

ittgaafatamummaa dabalataa qaban dhimmoota dursaa mana barnootaa irratti sa’aatii 60 caalaa dabarsuu danda’u.

Ramaddii yeroo mana barumsichaa

 ***Dhimmoota dursaa mana barnootaa***	**madda fedhii**	**Barsiisota hirmaatan**	**Yeroo walii galaa sa’aatii 60**
Karoora mana barumsaa fooyyeessuu	Mana barumsaa	Barsiisota hunda dura bu’aa dabalatee	50
Akkaataa ittifaayyadama mana kitaabaa fooyyeessuu	Mana barumsaa	Hoggantoota muummeewwanii	20
Karoora fooyya’insa mana barumsaa fooyyeessuu keessatti dandeettii waa uumuu horachuu.	Naannoo	Dura bu’aa, I/A dura bu’aa, supparvizara CRC	20

 Akka dursaa Muummee mana barumsaa tokkootti wanta ani dursa kennuuf	Madda fedhii	Barsiisota hirmaatan	Yeroo waliigalaa sa’aatii 60
Karoora mana barnootaa fooyyeessuu	Mana barumsaa	Barsiisota hunda dura bu’aa dabalatee	50
Akkaataa itti faayyadama mana kitaabaa fooyyeessuu.	Mana barumsaa	mummeewwan	20
Dhimmoota ani dursa kenneef	dhuunfaa	ana	20

Mee dhimma mana barnootaa keetiif adda baaste ykn dhunfaa keetiif adda baaste ilaali. Dhimmoota dursa kennamaniif sa’aan meeqa akka ramadameef

hubadhu. Dhimmi kun walxaxiinsa kan qabuu fi deebii sirrii ta’e tokko qofa kan qabu miti. Manneen barnootaa hundi bifa adda addaan ramaduu danda’u. Dhimma kana irratti murtii isa dhumaa kennuun gahee hojii dura bu’aa ykn koree dagaagina ogummaa walitti fufaati.



Jalqaba irratti karoora DOW tiif sa’aa dogaagina ogummaa walitti fufaa mana barnootaa fi kan dhunfaaf barbaachisu ramadi.

Yaadadhu! Dhimma sadarkaa guutuu biyyaa fi naannootti dursi kennameef ilaalcha keessa galchi.
Kanneen kun hundi hanga moojulli mana barnootaa qophaa’utti tilmaama ta’u

Calaqqee



Inni kun waan ati beekuu qabsdhudha.

- Karoorri DOW barbaachisaa ta’uu isaa beekuu
- Walitti dhufeenya karoora mana barnootaa, garee fi dhunfaa gidduu jiru hubachuu
- Karoora DOW kan waggaa kan mana barnootaa fi dhunfaa sa’aan ramadameef qopheessuu.



Hubannoo fi sochii taasiste irratti calaqqee godhi

Karoora DOW waggaa mana barnootaa fi dhunfaa qopheessuuf of irratti amantaa horattee?

Shaakala dabalataa barbaaddaa?

Gulantaa 2

Moojulii DOW Mana Barnootaa Akkamiin Karoorsita?



Amma karoora mana barnootaa fi dhunfaa ni qabda.

Moojuliin kun moojuulii mana barnootaa ykn dhunfaa ta'ee qophaa'a.

Moojuloonni karoora qophaa'e hojii irra oolchuuf gargaaru. Gaaffii itti aansinee maal goona? jedhuuf deebii kenna.

Moojuliin mana barnootaa gochaalee walitti aanuun akka raawwatamanii

Xumura gulantaa karoorsuu kan irratti:

- moojuliin DOW mana barnootaa akkamiin akka karoorfamu beekta.
- Walitti hidhamiinsa tartiiba gochaaleen moojuliin DOW mana barnootaa qabu ni hubatta.
- Moojulii DOW mana barnootaa tokkoo fi kan dhunfaa tokko ni qopheessita.

Moojulii mana barnootaa karoorsuuf itti gaafatamummaan kan eenyuuti?
Karoora DOW mana barnootaa qopheessuu keessatti akka nama itti gaafamummaan kennameefitti fedhii DOW dursi kennameef irratti moojulii mana barnootaa akka qopheessitu eeramtee?

Eeramtee jirta yoo ta’e karoora moojulii mana barnootaa qopheessuun hojii kee ta’a. Namoota si gargaaruu danda’an filachuu ni dandeessa. Kanas kan gootu nama hojii moojulii mana barnootaa hogganu ykn garee hojicha hojjetu adda baafachuun ta’a. Yaa ta’u malee hanga dhumaatti hojichaaf itti gaafatamummaan kan keeti.

Kana jechuun garuu waan hunda qofaa kee raawwatta ykn moojulii mana barnootaa sumatu qopheessa jechuu miti.
Hojicha namoota kan biroo wajjin hojjechuun:

- Moojuliin mana barnootaa qophaa’uu isaa
- Moojuliin mana barnootaa hojii irra ooluu isaa
- Namoonni dhimmi ilaalu moojulii mana barnootaa irratti hirmaachuu isaanii
- Bu’aan isa dhumaa madaalamuu fi bu’aa eegamu waliin ilaalamuu isaa

Moojulii mana barnootaa qindeessuuf itti gaafatamummaa kan qabu eenyudha?



Gaaffiileen kunniin gaaffii “Qophii moojulii irratti eenyutu deggarsa godha?” jedhuuf deebii kennuuf gargaaru.

Gaaffii ---	Miltoon hojii kunniin qophii moojulii irratti warra deggarsa godhandha.
Karoora waggaa DOW mana barnootichaa keessaa dhimma dursi kennameefii barsiisota hunda irratti hirmaatanidha? Eeyyee → Lakkii ↓	Miseensota garee dhimma mana barnootichaa keessatti dursi kennamuuf adda baasan. Miseensota garee hunda barbaaddaa? Qindeessaan DOW fi koreen hirmaachuu qabu.
Karoora waggaa DOW mana barnootichaa keessaa dhimma dursi kennameefii barsiisonni muraasni irratti hirmaatanidha? Eeyyee → Lakkii ↓	Qindeessaa DOW fi koree DOW Qophii moojulii mana barnootaa irratti miltoowwan kan biroo barnooticha ykn mala baruu-barsiisuu irratti beekumsa qaban deggarsa akka siif godhan afeeruu barbaaddaa? Moojulii mana barnootaa qindeessuu irratti namoonni qophii kana hogganan deggarsa akka isinii godhan afeeruun gaariidhaa?
Karoora waggaa DOW mana barnootichaa keessaa dhimma dursi kennameefii barsiisaa tokko qofa hirmaachisudhaa?	Ati matumti kee moojula dhunfaa qopheeffachuuf itti gaafatamummaa qabda; yaa ta’u malee deggarsa nama biroos gaafachuu dandeessa. Namni ati deggarsa gaafattu sun eenyu? Hiriyaa? Barsiisaa muuxannoo qabu? Gorsaa? Qindeessaa DOW? Eenyu irraa deggarsa akka gaafachuu qabdu murteeffadhu!

Guca Karoorri moojulii mana barnootaa DOW ittiin qophaa'u

Mana barnootaa/Barsiisaa ----------

Nama qophii moojulii mana barnootaaf itti gaafatamummaa qabu --

1. Mata-duree moojulii mana barnootaa (Dhimma DOW keessatti dursi kennameef	
2. Jijjiiramni arguu barbaaddu maal?	
3. Hirmaattota	
4. Hogganaa/toota	
5. Moojuliin mana brnootichaa yeroo hangamii akka fudhatu	
6.Guyyaa itti eegalamuu fi itti xumuramu	
7. Iddoo itti raawwatu	
8. Leecalloo barbaachisu	

9. Wayitii xiqqaa	10. Kaayyoo wayitii xiqqaa	11. Yeroo
Wayitii xiqqaa 1		
Wayitii xiqqaa 2		

- Wayitii xiqqaa kan biroo --- wayitii xiqqaa kan biroo---wayitii xiqqaa kan biroo...

Akkaataa karoorri moojulii mana barnootaa itti qophaa'u haala armaan gadiitti dhiyaatee jira.

- Wayitii xiqqaa tokkoon tokkoon isaa adda addaatti ibsamee jira.

1. Mata duree moojulii mana barnootaa (Dhimma DOW keessatti dursi kennameef)	

Mata dureen moojulii mana barnootichaa ykn nama dhunfaa dhimma DOW keessatti dursi kennameef keessaa isa tokkodha.

2. Jijjiiramni arguu barbaaddu maal?

Isa kana karoora waggaa DOW mana barnootaa ykn dhunfaa keessatti adda baafattee jirta.

3. Hirmaattota

Karoora waggaa DOW mana barnootichaa ykn kan dhunfaa irratti eenyu akka hirmaatu adda baafattee jirta.

- ✓ Eenyu akka irratti hirmaatu haalaan ifa ta’ee jiraa?
- ✓ Wanti ifa hin taane jiraa?
- ✓ Miltoon kamiyyuu “Ani nan hirmaadha moo hin hirmaadhu?” jechee gaafachuu hin qabu.

DOW hundi miltoowwan hundi gareedhaan kan irratti hirmaatanidha. Yoo kun ta’edha DOW milkaa’e kan jedhamu. DOW dhunfaa miltoo tokko ykn sanaa ol waliin ta’uun yoo raawwate bu’a qabeessa ta’a.

Barbaachisaa ta’ee yoo argame hirmaattota hunda maqaa isaanii tarreessuun barreessi..

Miseensonni garee eenyu fa’a akka ta’an ifa taanaan maqaa garee sanaa barreessuun gaariidha. Fakkeenyaaf: Barsiisaa marsaa tokkoffaa keessatti Herrega barsiisu kamiyyuu ykn miltoo barnoota pilaazmaa barsiisuuf saganteeffate kamiyyuu ta’uu danda’u.

Maqaa hirmaattotaa adda baasanii beekuun namoonni meeqa akka hirmaatan hubachuuf gargaara.

Lakkoofsi hirmaattotaa gosa DOW fi dandeettii saganticha qindeessuu irrratti waan hubachisu qaba.

Lakkoofni yoo heddummatu leecalloo baay’ee fi iddoo bal’aa barbaada.

4. Hogganaa/toota	

Hogganaan moojulii mana barnootaa, moojulii mana barnootaa qindeessuu irratti hirmaachuu qaba. Qindeessaan nama tokko ykn sanaa ol ta’uu

danda’a. Dhimma dursi kennameef irratti beekumsa, dandeettii fi muuxannoo gahaa qabaachuu qaba.

Fakkeenyaaf:

- ✓ Hogganaan barnoota Herregaa, moojulii barnoota Herregaa marsaa tokkoffaa foyyeessuuf qophaa’e hogganuu danda’a.
- ✓ Moojulii mana barnootaa amala barattootaa daree keessaa fooyyessuuf qophaa’e barsiisaan muuxannoo fi dandeettii qabu hogganuu danda’a.

Gaaffileen kunniin nama fooyyii qabu/an adda baasuuf gargaara. Darbee darbee namoota moojulii mana barnootaa hogganan lama ykn sadi qabaachuun gaarii ta’a.

Mata duree moojulii mana barnootaa tokko yaaduun jijjiirama arguu barbaaddu ilaali.

Miltoon:

- ✓ Gosa barnootaa ykn ogummicha irratti beekumsa qabu ni jiraa?
- ✓ Gosa mala baruu barsiisuu kana hojiin agarsiisuu irratti dandeettii qabu ni jiraa?
- ✓ Leenjii akkanaa armaan dura gahumsaan hoggane ni jiraa?
- ✓ Moojulii DOW mana barnootaa hogganuun ogummaa isaa dagaagsuuf fedhii qabu ni jiraa?
- ✓ Moojilii mana barnootaa hojii irra oolchuuf kaka’umsa qabu ni jiraa?
- ✓ Barsiisotaaf kabaja qabuu fi of irrattis amantaa qabu ni jiraa?
- ✓ Dandeettii hoggansaa qaba jedhamee adda bahe ni jiraa?

Ulaagaalee armaan olitti tarreeffaman hunda guutuun dirqama miti. Wanti xiyyeeffatamu nama fooyyii qabu of eeggannaan filachuudha.

Fakkeenya Mana Barnoota T.K.

Maqaa nama hogganaa ta’uu danda’u	Tolaa Gammachuu, Barsiisaa Afaan Oromoo fi Ingiliffaa marsaa tokkoffaa

Ulaagaa	✓ ykn X
Barumsa gosa barnootaa ykn ogummicha irratti qabaachuu	✓
Mala baruu-barsiisuu kana hojii irra oolchuu irratti dandeettii qabaachuu	✓
Leenjii akkanaa armaan dura gahumsaan hogganuu	X
Moojulii DOW mana barnootaa hogganuuf ogummaa ofii dagaagsuuf fedhii qabaachuu	✓
Moojulii mana barnootaa hojii irra oolchuuf kaka’umsa qabaachuu	✓
Amantaa of irratti qabaachuu fi barsiisotaaf kabaja qabaachuu	✓
Dandeettii hoggansaa qabaachuun isaa adda bahee kan beekame	X

Nama Moojulii mana barnootichaa hogganu mana barumsaa keessaa argachuun hin danda’amne yoo ta’e ykn moojuliin mana barnootichaa nama kan biraa mana barnootichaan ala jiru afeeruun yoo hogganame bu’a qabeessa ta’a jedhamee yoo yaadame deggarsa alaa gaafachuun ni barbaachisa ta’a. Fakkeenyaaf: Supparvaayzara Gurmuu Manneen Barnootaa /CRC/, eksipartii aanaa, barsiisaa Kolleejjii Leenjii Barsiisotaa.

Moojuliin mana barnootichaa yeroo hangamii akka fudhatu	

Yeroon moojuliin mana barnootichaa fudhatu dhimmoota moojulii mana barnootaa san keessatti ilaalamuu qabaniin kan murtaa’u ta’a.

Dhimmi yeroo murteessuu dhimma rakkisaadha. Ulaagaan yeroo murteessuuf itti fayyadamuu qabnu kana jechuun hin danda’amu. Darbee darbee namoota kan biroo irraa deggarsi ni barbaachisa.

Moojulii mana barnootaa irra deebi’uun yeroo ilaalamu, yeroo isaa sirreessuun barbaachisaa ta’uun isaa hubatamuu danda’a.

Gaaffiilee armaan gadii of gaafachuun yeroo murteessuuf gargaara:

- Dhimmi dursi kennameef kun mana barnootichaaf ykn nama dhunfaa moojulichatti fayyadamuuf haaraadhaa?
- Hirmaattonni moojulii mana barnootaa kanaan akka shaakalan ni barbaadamaa?
- Mana barnootaa kan biroo daawwachuuf ykn qorannoo gochaa gaggeessuuf yeroo kennuun yaadamee?
- Dhimmichi mana barnootichaaf baay’ee barbaachisaa waan ta’eef yeroo gahaa kennuun yaadamee?



Fakkeenya Ramaddii Yeroo Mana Barnoota T.K.

Mata duree moojulii mana barnootaa	Wayitii xiqqaa	Yeroo
Mala baruu barsiisuu hirmaachisaa mana barnootaa keessatti babal’isuu	▪ Walgahii barsiisotaa ---------- ▪ Daawwannaa mana barnootaa-------- ▪ Walgahii dhimma raawwate ilaaluuf gaggeeffamu---------- ▪ Hiriyaa waliin karoorsuu, daawwannaa fi calaqqee----------	sa’aa 1 sa’aa 5 sa’aa 1 sa’aa 12

	▪ Walgahii barsiisotaa---------- ▪ Poortifooliyoo qindeessuu ----------	sa’aa 1 sa’aa 2
Gahumsa barsiisotaa warreen barsiisota haaraa gorsanii cimsuu	▪ Walgahii Gurmuu manneen barnootaa ▪ Moojulii biyyoolessaa mata duree “Dandeettii gorsuu” jedhutti miltoowwan gurmuu manneen barnootaa waliin fayyadamuu ▪ Poortifooliyoo gurmeessuu	sa’aa 1 sa’aa 18 sa’aa 1
Barnoota Herregaa marsaa tokkoffaa fooyyessuu	▪ Walgahii barsiisotaa ---------- ▪ Leenjii guyyaa tokkoo eksipartiin kenname ---------- ▪ Waan hojjetame daawwachuu (demonstration)---------- ▪ Daree keessatti shaakaluu ▪ Calaqqee fi madaallii hiriyaa ▪ Poortifooliyoo gurmeessuu	Sa’aa 1 Sa’aa 5 Sa’aa 2 Sa’aa 10 Sa’aa 1 Sa’aa 1

6. Guyyaa itti eegalamuu fi xumuramu	

Isa kana duraan dursitee karoora waggaa DOW mana barnootaa fi dhunfaa keessatti adda baastee jirta.

7. Iddoo itti raawwatu	

Sagantaa DOW raawwachuuf iddoo filachuun barbaachisaadha. Al-tokko tokko mana barnootaa keessatti miltoon mana barnootichaa yoo barsiisu daawwachuun ni jiraata. Al-tokko tokko immoo mana barnootaa kan biroo deemuun daawwannaan ni gaggeeffama ta’a.

Sagantaan DOW kan raawwatu manuma barnootaa ofiitti ykn mana barnootaa kan biroo keessatti ykn iddoo kan biraatti jechuun gurmuu manneen barnootaa ykn kolleejjii barsiisotaatti ta’uu danda’a.

8. Leecalloo barbaachisu	

Leecalloon raawwii sagantichaaf barbaachisu moojulii mana barnootatti fayyadamuu kan dandeessisuu fi humnaa fi baajata mana barnootichaa waliin kan walgitu ta’uu qaba.

Leecalloon humna namaa ykn meeshaa ta’uu danda’a.

Eenyutu si gargaaruu danda’a?

Moojulii mana barnootaatiin hojjechuuf humni namaa hedduun ni jira.

Namoonni hojii kanaaf barbaachisan achuma mana barnootaa keessa jiru.

Namoonni yeroo baay’ee gara mana barnootichaa dhufanis ni niru.

- ✓ Hiriyoota kee
- ✓ Barsiisota angafoota ykn muuxannoo qaban
- ✓ Supparvaayzaroota gurmuu manneen barnootaa, ykn aanaa

Namoonni kan biroo moojulicha ittiin hojjechuu gargaaran kan biroos jiraachuu danda’u.

- ✓ Barsiisota manneen barnootaa kan biroo
- ✓ Eksipartoota aanaa ykn Biiroo Barnootaa
- ✓ Eksipartoota Yunivarsiitii
- ✓ Eksipartoota Ministeera Barnootaa
- ✓ Miseensota Dhaabbilee miti-mootummaa

Wanti dabalataan ilaalamuu qabu maal?

Meeshaaleen dabalataan ittiin fayyadamuun danda’amu

- ✓ Moojuloota dabalataa Ministeera Barnootaan qophaa’an
- ✓ Moojuloota dabalataa Biiroo Barnootaan qophaa’an
- ✓ Barreeffamoota dhimmicha waliin walqabatanii fi yaada irraa argachuuf dubbifaman
- ✓ Odeeffannoo intarneetii irraa argamu

Meeshaalee hojichaaf barbaachisanii fi mana barnootichaa keessatti yeroof hin qophoofne kan akka dabtara yaadannoo, qalama, moojulii dabalataan sadarkaa biyyoolessaa fi naannootti qophaa’an akkasumas meeshaa footokooii WKF tarreessuun ni barbaachisa.

Sagantaa DOW hojii irra oolchuu irratti yaadoolee kan biroo Hammattoo Dagaagina Ogummaa Walittifufaa barsiisota sadarkaa tokkoffaa, sadarkaa lammaffaa, hoggantootaa manneen barnootaa fi ogeeyyii barnootaa Itoophiyaaf qophaa'e irraa argachuun ni danda'ama.



Fakkeenya Mana Barnootaa T.K.

Karoora Moojulii Mana Barnootaa - Mana Barnoota T.K.

1. Mata duree moojulii mana barnootaa (Dhimma DOW keessatti dursi kennameef)	Mala baruu-barsiisuu hirmaachisaa mana barnootaa keessatti babal'isuu
2. Jijjiiramni arguu barbaaddu maal?	▪ Barattoota barannicha irratti haala fooyya'aa ta'een hirmaatan. ▪ Qabxii barattootaa kutaalee hunda keessatti fooyya'e. ▪ Amala barattootaa fooyya'e, keessumaa'uu kan barattoota dhiiraa
3. Hirmaattota	Barsiisota hunda
4. Hogganaa/toota ykn haala mijeessitoota	Obbo Hasan
5. Moojuliin mana barnootichaa yeroo hangamii akka fudhatu	Sa'aa 20
6. Yeroo itti eegalamuu fi xumuramu	Jalqaba samisteera 1ffaa hanga dhuma samisteera 2ffaa
7. Iddoo itti raawwatu	Mana barnootichaatti, wiirtuu gurmuu barnootaatti
8. Leecalloo barbaachisu	▪ Waraqaa gosa A4 dasxaa 2 ▪ Meeshaa footokooppii ▪ Moojulii mala baruu barsiisuu irratti

	sadarkaa biyyoolessaatti qophaa’e ▪ Geejjiba hanga wiirtuu gurmuu manneen barnootaatti ▪ Kaameeraa ▪ Guca daree keessatti daawwannaan ittiin gaggeeffamu ▪ Wantoota meeshaalee deggarsa barnootaa qopheessuuf gargaaran



Fakkeenya mana barnootaa T.K

Karoora moojulii dhunfaa **Caalaa** **Kumsaa**

1. Mata duree moojulii mana barnootaa (dhimma DOW keessatti dursi kennameef)	Barattoota fedhii addaa qaban barsiisuu irratti gahumsa fooyyeffachuu
2. Jijjiiramni arguu barbaaddu maal?	▪ Meeshaaleen fedhii barattootaa guutuuf gargaaran qophaa’uu isaanii

	▪ Barattoonni barannoo hunda irratti hirmaachuu isaanii
3. Hirmaattota	▪ Badhaadhaa Yaadatee fi Tulluu Araarsoo
4. Hogganaa/toota	▪ Hogganaa barnoota fedhii addaa
5. Moojuliin mana barnootichaa yeroo hangamii akka fudhatu	▪ Sa’aa 20
6. Yeroo itti eegalamuu fi xumuramu	▪ Jalqaba samisteera 2ffaa hanga xumura samisteera 2ffaatti
7. Iddoo itti raawwatu	▪ Mana barnootumatti
8. Leecaalloo barbaachisu	▪ Kitaabilee barataa kutaa 7 kan bireeliin qophaa’an ▪ Guca daawwannaan daree ittiin gaggeeffamu ▪ Wantoota meeshaalee deggarsa barnootaa qopheessuuf gargaaran

.

Karoora moojulii mana barnootaa fi dhunfaa akka kanaa kan biraa hojjedhu. Guca karoora kanaa dabalata (Appeendisisii) irratti ni argatta..

Qophii Moojulii Mana Barnootaa Isa Hafe Xumuruu!

Hojii isa salphaa ta’e xumurtee jirta! Inni itti aanu hojii cimaa ta’e yoo ta’u innis moojulii mana barnootichaa qopheessuudha.

Gareen moojulii kana qopheessu malawwan, wayitii xiqqaa fi gochawwan DOW keessatti raawwataman murteessuun irraa eegama.

Malawwan jechuun maal jechuudha?

Malawwan kan jedhaman toftaa sagantaan DOW hojii irra itti ooludha. Daree barnootaa waliin kallattiin walitti hidhamiinsa qabu. Kaayyoolee adda addaa galmaan gahuuf malawwan adda addaatti fayyadamna.

Malawwan adda addaa armaan gaditti tarreeffamanii kan dhiyaatan waan ta’eef moojulii mana barnootaa hojii irra yoo oolchinu keessaa filachuun itti fayyadamuun ni danda’ama.

- Walgahii sirna barnootaa
- Agarsiisuun barsiisuu
- Dawwannaa qopheessuu
- Daawwannaa hiriyaa
- Barannoo daawwachuu fi calaqqee
- Barattoota barnoota irratti daawwachuu
- Barattoota haasofsiisuu
- Hojii barattootaa shaakala duraa fi booda sakatta’uu
- Hojii barattootaaf qabxii kennuu, calaqqee raawwachuu fi yaada ijaaru kennuu
- Barsiisaa gaarii hordofuun akkeessuu
- Qorannoo gochaa
- Dubbisuu fi qorannoo
- Manneen barnootaa fi barsiisota daawwachuun muuxannoo gaarii walii dabarsuu
- muuxannoo gaarrii walii dabarsuu
- Poortifooliyoo qindeessuu
- Gareen barsiisuu
- Workishooppii
- Ekispartoota waliin mari’achuu
- Gorsuu
- Walgahii marii gaggeessuu

Wayitii Xixiqqaan Maal?

Wayitii xixiqqaa malawwan raawwii moojulii sagantaa DOW keessatti filataman akkamiin hojii irra akka oolan ibsa. Kaayyoo fi yeroo ramadameef ni qaba. Hojiiwwan tartiibaan (duraa duubaan) raawwataniin kan ijaaramudha. Wayitii xiqqaan tokkon tokkoon isaa hojii itti aanee hojjetamuuf haal duree ta’ee raawwata.

Gochi maal?

Gochawwan kan jedhaman hojiiwwan xixiqqoo wayitii xixiqqaa keessatti raawwatamandha. Caasaan wayitii xixiqqaa kan ittiin ijaaramudha. Gochawwan adda addaa kaayyoolee adda addaa galmaan gahuuf jecha raawwatu.


Qabxiilee ijoo qophii karoora moojulii mana barnootaa keessatti itti yaadamuu qaban.

- ✓ Moojuloota mana barnootaa keessatti xiyyeeffannaan wayitiiwwan xixiqqaa hojii daree keessatti raawwatu waliin wal qabachuu qaba.
- ✓ Moojulii mana barnootaa hojii irra oolchuu keessatti malawwan adda addaa filachuun fayyadamuu.
- ✓ Baay'inni hirmaattotaa malli kun filatamuu akka qabu irratti dhibbaa qaba.
- ✓ Odeeffannoon ykn yaadni haaraan ni dhiyaata yoo ta'e ogeessa mana barnotichaan ala jiru afeeruun ni barbaachisa ta'a.
- ✓ Wayitoonni xixiqqaa hirmaattota kan hirmaachisan ta'uu qabu.
- ✓ Wayitoonni xixiqqaa tokko tokko hirmaattonni gareen akka hojjetan carraa kan kennan ta'uu qabu.
- ✓ Karoorri moojulii mana barnootaa ennaa qophaa'u calaqqee fi keessa deebi'anii ilaaluuf yeroon akka kennamuuf gochuu.

Hammattoon Dagaagina Ogummaa Walittifufaa barsiisota sadarkaa tokkoffaa, sadarkaa lammaffaa, hoggantoota manneen barnootaa fi ogeeyyii barnootaa Itoophiyaaf qophaa'e malawwan ilaalchisee kutaa of danda'e ni qaba.

Yaadni akka gorsa waliigalaatti kennamu:

Fedhii (Dhimma dursi kennameef) hojii irra oolchuuf malli kana wayya jedhamee filatamu tokko qofti jiraachuu dhiisuu danda'a. Malli moojulii mana barnootaa hojii irra oolchuuf filatamu malawwan dhimma dursi kennameef hojii irra oolchuuf mijataa ta'an, haala jiru waliin wal siman fi leecalloo jiru waliin wal siman keessaa isa tokko ta'a.



Wayitoota xixiqqaa	Fakkeenya

moojulii mana barnootaa	
Walgahii gaggabaaboo adeemsa keessa walitti aansuun gaggeeffamanii fi hordoffii	▪ Mana barnootichaa keessatti amala barattootaa irratti hojii hojjechuuf dura bu’aan mana barnoota T.K. walgahii ji’a ji’aan barsiisota hunda hirmaachisuun gaggeeffamu qindeessa. Walgahii tokkoon tokkoon irratti tarkaanfii fudhatamuu qabuu fi jijjiirama dhufuu qabu irratti waliigalu. Ji’a itti aanu keessatti tarkaanfii fudhatamuu fi jijjiiramicha irratti hojii hojjechuu fi kaayyoon wayitii xixiqqaa hangam akka galma gahe walgahii itti aanutti ilaaluu. (Walgahii barsiisotaa 8 x sa’aa 1 fi hordoffii sa’aa 8 walumaa galatti sa’aa 18)
Guyyaa DOW tokko murteessuun sa’aa shaniif bakka barattoonni hin jirretti gochawanii fi madaallii gaggeessuu	▪ Manni barnootaa T.K. akkamiin poortifooliyootti fayyadamuun akka danda’amu irratti waliigala. Qindeessaan sagantaa DOW barsiisonni guyyaa itii walgahan tokko mijeessuun dhimma poortifooliyoo irratti mari’atanii akka walii galan taasisa. Guyyaa kana booda, barsiisonni waan irratti walii galan san deggarsa qindeessaa sagantaa DOW, hogganaa mummee fi gorsitoota irraa argataniin hojii irra oolchu. Dhuma waggaa irratti, barsiisonni hundi walgahuun muuxannoo waljijjiiru, waan hojjechaa turan keessa deebi’anii ilaalu. (Guyyaa 1 sa’aa 5f, poortifooliyoo qopheessuuf sa’aa 10, Hojii hojjetamaa ture dhuma waggaa irratti keessa deebi’anii ilaaluuf walgahii gaggeeffamuuf sa’aa 1, walumaa galatti sa’aa 16.)
Workishooppii guyyaa tokkoo hojiiwwan itti aansuun hojjetamanii fi	▪ Hojii garee cimsuun barsiisota marsaa lammaffaaf dhimma dursi kennameefdha. Barsiistuun Saayinsii takka dhimma hojii garee irratti koorsii gannaa

madaallii gaggeeffamu	irratti hirmaattee jirti. Hojii garee qindeessuu irrattis gahumsa ni qabdi. Hojiin garee akkamiin akka gaggeeffamuu qabu workishooppii guyyaa tokkoo kennite. Kana booda barsiisonni hojii garee qindeessuu daree isaanitti, shaakaluu fi hiriyoota isaanii waliin marii gaggeessuuf irratti yeroo hanga ta'e dabarsan. Dhuma samisteeraa irratti hundi isaanii walgahanii muuxannoo walii dabarsuuf walgahan. (Guyyaa 1 sa'aa 5f, hiriyaa waliin cimdiin ta'uun hojjechuuf sa'aa 8, walgahii muuxannoo waljijjiiruuf gaggeeffamuuf sa'aa 2, walumaagalatti sa'aa 15)
Workishooppii guyyaa sadii shaakala gidduu gidduutti taasifamu waliin	▪ Barsiisonni marsaa tokkoffaa dandeettii daree dhunfaa irratti qaban cimsachuuf deggarsa barbaadu. Supparvaayzarri gurmuu manneen barnootaa deggarsa ogummaa gochuuf qophii qaba. Barsiisonni workishooppii guyyaa tokkoof qophaa'e hirmaachuun waan baratan irratti daree keessatti shaakalu. Ji'a tokko booda workishooppii guyyaa lammaffaa irratti hirmaatu. Workishooppii kana irratti muuxannoo waljijjiiruun caalmaatti wal irraa baratu. Workishooppii kana booda immoo daree isaanii keessatti shaakalu. Ammas workishooppii guyyaa sadaffaa irratti hirmaatu. Yeroo dheeraa keessatti waan haaraa baratu. (Workishooppii guyyaa 3 guyyaa guyyaan sa'aa 5f, waan workishooppii irratti baratan shaakaluuf sa'aa4, poortifooliyoo qindeessuuf sa'aa 1 walumaagalatti sa'aa 20
Wayitiiwwan xixiqqaa gaggabaaboo yeroo dheeraa keessatti	▪ Akka qaama karoora fooyya'insa mana barnootaatti, manni barnoota T.K. mana kitaabaa cimsachuu barbaada. Barsiisonni akkamiin hojii

raawwachuu	kana itti fufuu akka qaban mari’achuuf walgahii qabu. Barsiisonni dhimma kana galmaan gahuuf kaka’umsa qaban sa’aa dhimmicha raawwachuuf barbaachisu sagantaa DOW dhunfaa isaanii keessatti akka lakkaa’amuuf irratti hojjechaa jiru. Barsiisonni tokko tokko mana barnootaa kan biroo daawwatu, barsiisonni tokko tokko immoo kitaabilee jiranitti fayyadamuun barattoonni mana kitaabaatti akka fayyadaman godhu. Qabxii barattootaa fooyyessuuf jecha mana kitaabaatti akkamiin fayyadamuun akka danda’amu muuxannoo waljijjiiruu fi gabaasa barreessuuf walgahii gaggeessu. Garee kana irraa odeeffannoon I/A dura bu’aa mana barnootichaan ni funaanama. (Sa’aan qabamu haala kaka’umsa barsiisaan dhunfaan qabu irratti hundaa’ee murtaa’a.

Kana booda karoora kee karoora moojulii DOW tti fayyadamuun qopheessuuf jecha wayitii xixiqqaa haala ifa ta’een kaa’uu qabda.

9. Wayitii xixiqqaa	**10. Kaayyoo wayitii xixiqqaa**	**11. Yeroo**



Fakkeenya mana barnoota T.K.

Moojulii mana barnootaa mala baruu- barsiisuu hirmaachisaa mana barnootichaa keessatti babal’isuuf qophaa’e.

9. Wayitii xixiqqaa	10. Kaayyoo wayitii xixiqqaa	11. Yeroo
Walgahii barsiisotaa	Moojulichaan wal barsiisuu fi malli baruu barsiisuu hirmaachisaan qabxii barattootaa kan kutaalee hundaa akkamiin akka fooyyessu waliin hubachuu	Sa’aa 1
Mana barnootaa daawwachuu	▪ Muuxannoo gaarii argachuu	Sa’aa 5
Waan hubatan keessa deebi’anii ilaaluuf walgahii gaggeessuu	▪ Muuxannoo waljijjiiruu fi yaadoolee fi toftaalee mala baruu barsiisuu hirmaachisaa daree keessatti yaaluu	Sa’aa 1
hiriyaa waliin karoorsuu, daawwannaa fi calaqqee	▪ Toftaalee fi yaadolee mariin irratti gaggeeffammaa ture daree keessatti shaakaluu. Dandeettii walii fooyyessuuf wal gargaaru. Poortifooliyoo qindeessuuf jecha waan daawwatame galmeessuu fi yaada calaqqee irraa argame yaadannoon qabachuu	Sa’aa 12
Walgahii barsiisotaa	▪ Muuxannoo waljijjiiruu fi bu’aa argame ilaaluu.	Sa’aa 1
Poortifooliyoo qindeessuu	▪ Muuxannoo dhunfaan argame hubachuuf, beekumsa barattoonni argatan galmeessuu fi karoora gara fuula dursaa qopheessuu	Sa’aa 2

.

Amma karoora moojulii mana barnootaa kee qopheessi.

Guca karoorri kun ittiin qophaa’u dabalata keessatti ni argatta.

Moojulii mana barnootaa qopheessuun akka mana ijaaruutti kan ilaalamu ta’uu isaa hubadhu. Manni yoo ijaaramu karaa sirrii ta’een ijaaramuu qaba; bu’uurri isaa, dhaabni isaa, baaxiin isaa WKF. Haala wal fakkaatuun gochi DOW kamiyyuu hojii galma gahinsa kaayyoo isa dhumaaf gumaachudha.



Fakkeenya moojulii barsiisaa dhunfaa mana barnoota T.K. Tolaa Gammaachuu - Barattoota fedhii addaa qaban barsiisuu irratti gahumsa fooyyeffachuu.

9. Wayitii xixiqqaa	10. Kaayyoo Wayitii xixiqqaa	11. Sa’a
Soorettii fi hogganaa barnoota fedhii addaa waliin mari’achuu	▪ Hojiin galma gahinsa kaayyoof gargaaran maal akka ta’an murteessuu fi yeroo jiru akkamiin itti fayyadamuun akka danda’amu irratti waliigaluu	Sa’aa 1
Eksipartii barnoota fedhii addaa Biiroo Barnoota Naannoo waliin mari’achuu	▪ Eeksiparticha irraa beekumsa argachuu fi waayee leecalloo irratti gorsa argachuu.	Sa’aa 4
Leecalloo barsiisuuf oolan qopheessuu	Leecalloo barsiisuuf oolan qopheessuuf jecha beekumsa ogeessa irraa argamutti fayyadamuu fi fedhii barnootaa guutuuf jecha hojjechuu	Sa’aa 5
Soorettii waliin karoora qopheessuu fi barannoon booda muuxannoo	▪ Leecalloo barsiisuuf oolanitti fayyadamuu, shaakaluu fi bu’aa qabeessummaa barattootaa madaaluu.	

waljijjiiruu	▪ Wal irraa barachuu ▪ Poortifooliyoo qindeessuuf jecha waan daawwatame galmeessuu fi yaada calaqqee irraa argame yaadannoon qabachuu	Sa’aa 8
Soorettii fi hogganaa barnoota fedhii addaa waliin marii gaggeessuu	▪ Bu’aa argame adda baasuu fi hojii itti aanu irratti walii galuu ▪ Poortifooliyoo qopheessuu	Sa’aa 2

. Amma karoora moojulii dhunfaa kee qopheessi.
Guca karoora kana ittiin qopheessitu dabalata irratti argatta.

Calaqqee



Qabxiileen armaan gadii wamtoota beekamuu qabandha.

- Moojulii DOW mana barnootaa karoorsuu danda’uu.
- Moojulii DOW mana barnootaa keessatti walitti hidhamiinsa wayitii xixiqqaa gidduu jiru hubachuu.
- Karoora moojulii DOW mana barnootaa fi dhunfaa tokko qopheessuu.

Hubannoo fi fooyya’insa kee irratti calaqqee taasisi.
Karoora waggaa DOW mana barnootaa fi dhunfaa qopheessuu irratti of irratti amantaa horattee?
Shaakala dabalataa barbaaddaa?

Gulantaa 3



Wayitii xixiqqaa DOW akkamiin karoorfatta?

Xumura kutaa kanaa irratti:

- Wayitii xixiqqaa DOW akkamiin akka karoorsitu ni beekta.
- Gosoota DOW dammaqinaan hirmaachuun barachuu dandeessisan ni beekta.
- Karoora DOW mana barnootaa tokko ni qopheessita.

Yaadattaa ?

Wayitiin xiqqaan maal ?

- Wayitiin xiqqaan malawwan raawwii moojulii sagantaa DOW keessatti filataman akkamiin hojii irra akka oolan ibsa. Kaayyoo fi yeroo ramadameef ni qaba. Hojiiwwan tartiibaan (duraa duubaan) raawwatamaniin kan ijaaramudha.

  Kanaaf, wayitiin xiqqaan kamiyyuu barannoo kana dura dhiyaate irratti hundaa'ee qindaa'a.
- Wayitiin xiqqaan inni duraa hanga hojii irra ooluutti hojiiwwan wayitii xiqqaa ammaa keessatti raawwataman gadi fageenyaan karoorsuun rakkisaadha.

Adeemsi karoorsuu kun kan raawwatu sagantaa DOW wayta hojii irra oolchitu dha.

Wayitii xixiqqaa karoorsuuf namoota adda addaa hirmaachisuu Fkn. walgahii barsiisotaa ykn workishooppii

Wayitii xixiqqaan DOW gaariin barannoo gaarii waliin wal fakkaata. Wayitii xixiqqaan kee raawwii hojii wayitii xixiqqaa isa duraa irratti hundaa'uun of eeggannoon karoorfamuu qaba.

Galma bira gahuuf karoorfatte beekuu qabda. Malawwanii fi gochawwan gosa adda addaa hirmaachisaa ta'aniitti fayyadamuu qabda.

Yaadattaa?

Gochi Maal?

Gochawwan kan jedhaman hojiwwan xixiqqoo wayitii xixiqqaa keessatti raawwatamandha. Caasaan wayitii xixiqqiichaas kan ittiin ijaarmudha. Gochaawwan adda addaa kaayyoolee adda addaa galmaan gahuuf jecha raawwatu.

Gochawwan workishooppii fi wayitii xixiqqaa DOW keessatti itti fayyadamuun danda’amu hedduutu jira. Kanneen ijoo ta’an haala armaan gadiitiin dhiyaatanii jiru.

Gochawwan wayitii eegaluuf gargaaran

Maqaa	**Maal**	**Yoom fi maaliif**
Dadammaqsuu (Energizers)	Inni kun hirmaattota dadammaqsuu fi kakaasuuf gargaara	Jalqaba workishooppichaa irratti hirmaattonni akka wal beekan gochuuf gargaara. Walakkaa wayitii xixiqqaa dheeraatti hirmaattonni xiyyeeffannaan akka hordofan dammaqsuuf gargaara. Jalqaba sagantaa waaree boodaa irratti hirmaattonni ammas xiyyeeffannoon akka hordofuu danda’an gargaara.
Yaadoolee ijoo cunfuun pirojaktaraan dhiyeessuu (power point presentation)	▪ Islaaydota irratti qopheessuun pirojaktaraan kan mul’atu	▪ Meeshaaleen ni argamu yoo ta’e odeeffannoo qindaa’e waan mul’atuun hirmaattotatti agarsiisuu. Namoota ilaalaa barachuu danda’an ni gargaara.
Yaada maddisiisuu (Brain Storming)	Marii daangeffamaa hin taanee (garee guddaa ykn hirmaattota hundaan) gaggeeffamuu fi rakkoolee adda addaa hiikuuf jecha yaadni furmaataa ittiin maddu	▪ Jalqaba wayitii xixiqqaa irratti hirmaattonni hundi waayee mata-duree marii akka yaadan gochuuf kan gargaarudha. Waan armaan dura beekanii fi waan argachuu fedhan gara waltajjiitti fiduu dandeessisa.
Marii cimdiin	Marii gabaabaa daqiiqaa 1 ykn 2	Jalqaba wayitii xixiqqaa irratti hirmaattonni hundi waayee mata duree

ykn nama sadiin gaggee ffamu (Buzz)	garee xiqqaan yeroo baay'ee namoota lama ykn sadiin gaggeeffamu.	marii sanaa akka yaadan gochuuf kan gargaarudha. Waan armaan dura beekanii fi waan argachuu fedhan gara waltajjiitti fiduu dandeessisa. Gareen xiqqaan namoonni tokko tokko yaada isaanii akka ibsan amantaa keessatti uumaaf.

Gochawwan marii wayitii xixiqqaa yeroo raawwatu itti fayyadamuuf gargaaran

Maqaa	**Maal**	**Yoom fi maaliif**
Yaada maddisii suu(Brain storming)	Marii daangeffamaa hin taane (garee guddaa ykn hirmaattota hundaan) gaggeeffamuu fi rakkoolee adda addaa hiikuuf jecha yaadni furmaataa ittiin maddu.	Raawwii wayitii xixiqqaa keessatti yaadni haaraan hirmaattotaaf yoo dhiyaatu ykn rakkoon yoo dhiyaatu gaggeeffamuu danda'a. Yeroo kamiyyuu yaada nama hundaa argachuuf ni fayyada.
marii cimdiin ykn nama sadiin gaggeeffamu(Buzz)	Marii gabaabaa daqiiqaa 1 ykn 2 garee xiqqaan, yeroo baay'ee namoota lama ykn sadiin gaggeeffamu.	Raawwii wayitii xixiqqaa keessatti yaadni haaraan hirmaattotaaf yoo dhiyaatu ykn rakkoon fala barbaadu tokko yoo dhiyaatu gaggeeffamuu danda'a. Hirmaattota namoota baay'ee biratti yaada isaanii kennuu irratti hanqina qaban, garuu yaada gaarii kan qaban yaada isaanii namoota biroof akka qoodan taasisa.
Marii garee (group discussion)	▪ Namoonni 4 ykn 6 gareen ijaaramanii mata duree kennamuuf irratti xiyyeeffatanii yeroo	▪ Namoonni yaad-rimee mata-duree tokkoo hubachuu yoo barbaadan kan raawwatudha. Marii gaggeessuun murtii

	dheeraaf kan gaggeessandha.`	kennuun yoo barbaachisuu fi wantoota qindeeffaman raawwachuuf gargaara. Namoonni yeroo dheeraaf dhimmoota adda addaa irratti yoo mari'atan waay'ee dhimmootaa fi rakkoolee sanaa akka haala qabatamaa isaan beekanitti hubachuuf isaan gargaara. Yaadaa fi muuxannoo isaanii namoota kan biroof qooduu akka danda'an gargaara.
Marii garee xiqqaan eegalee gara garee guddaan gaggeeffam uutti qajeelu (pyramid work)	▪ Namoonni lama dhimma tokko irratti mari'atu, kana booda garee cimdii kan biraa waliin 4 ta'anii mata duricha irratti mari'achuun qabxiilee ijoo 2 ykn 3 irratti waliigalu. Kana booda garee kan biraatti makamanii saddeet ta'uun qabxiilee ijoo 3 kan miseensonni irratti waliigalan fudhatu.	▪ Gochi kun miseensonni bakka heddummatanittii fi qabxiilee ijoo irratti walii galuun murtii kennuun bakka barbaachisutti itti fayyadamuuf mijataadha. Miseensi kamiyyuu yaada isaa ibsachuuf carraa ni argata. Gareen akka bal'achaa deemeen dhimmoota ijoo ta'an irratti walii galaa deemuun ni danda'ama.
Qo'annaa ta'eewwanii (case study)	▪ Ibsa dhimma murtaa'aa tokko qaaccessuuf jecha qophaa'e.	▪ Namoonni waan gaarii ykn badaa tokko qaaccessanii irraa barachuu akka danda'an gochuuf gargaara. Gochi kun namoonni waayee waan baratanii irratti gadi

		fageenyaan akka itti yaadanii fi hojii irra akka oolchan gargaara. Muuxannoo dhunfaa isaanii keessattis akka calaqqisan gargaara.
Wantoota kukkutamani i wal makan bakkatti deebisuun walsimsiisuu (Jigsaw)	▪ Gabateen ykn gaaffiilee fi deebiiwwan kukkutamanii walkeessa makaman gareen ta’uun bakka duraaniitti deebisanii haala hiika qabeessa ta’aniin wal simsiisuu.	▪ Odeeffannoowwan gabatee irra jiran hirmaattotaan akka hubataman gochuun yoo barbaachisu itti fayyadamuu. Waraqaa mummurame asii fi achi sochoosuun, qabiyyee irratti barreeffame of eeggannoon dubbisuun walsimsiisuudhaan hubannoo gabatichaa cimsachuun ni danda’ama.
Hojii garee irratti yaada dabalaa deemuu (Bus stop)	▪ Namoonni dhunfaa isaaniin waan baratan sana irra deebi’anii akka yaadatanii fi dhibbaa hojii isaanii irratti qabu akka yaadan gochuu.	▪ Xumura gocha kamiyyuu irratti daqiiqaa 3 hirmaattotaaf kennuun waan barnootaan dhiyaate irratti hundaa’uun gocha fooyya’uu qabu akka yaadan gochuu.
Calaqqee dhunfaa (Individual reflection)	▪ Namoonni dhunfaa isaaniin waan baratan sana irra deebi’anii akka yaadatanii fi dhibbaa hojii isaanii irratti qabu akka yaadan gochuu	▪ Xumura gocha kamiyyuu irratti daqiiqaa 3 hirmaattotaaf kennuun waan barnootaan dhiyaate irratti hundaa’uun gocha fooyya’uu qabu akka yaadan gochuu

Gochawwan Duub-deebii

Maqaa	Maal	Yoom fi maaliif
Hojii Garee irra naanna'uun daawwachuu (Gallary walk)	Yaadooleen gareewwan adda addaan maddisiifaman waraqaa irratti barreeffamanii maxxafamuun hirmaattonni hundi akka dubbisan gochuu	Mareen erga gaggeeffamee booda dhuma wayitii xixiqqaa irratti hirmaattonni hundi hojii gareewwaniin hojjetaman akka dubbisan taasisuu.
Dhiyeessa (presentation)	Yaadoolee marii garee adda addaan qindaa'an hirmaattotaaf dhiyeessuu	Xumura marii garee irratti gareen tokko ykn sanaa ol yaada garee kan biraatiin qindaa'e akka ilaalu kan ittiin taasifamudha. Yaada tokko qindeessuun dhiyeessuuf yoo qophooftu bu'aan marii sanaa maal akka ta'u ofeeggannaan akka itti yaaddu taasisa. Toftaa akkamiin haala gaariin muuxannoo waljijjiiruun akka danda'amu akka yaaddus taasisa.
Yaadoolee ijoo cunfuun pirojaktaraan dhiyeessuu (power point presentation)	Islaaydota irratti qopheessuun pirojaktaraan kan mul'atu.	Dhuma wayitii xixiqqaa irratti islaaydotuma duraaniitti fayyadamuun yaadoolee ibsamanii turan hirmaattota ittiin yaadachiisuun ni danda'ama. Islaaydota dabalataatti fayyadamuun calaqqee fi malaallii xiyyeeffachuunis ni danda'ama.

Gochawwan Calaqqee fi Madaallii

Maqaa	Maal	Yoom fi maaliif
Calaqqee hiriyaa fi madaallii (peer reflection and evaluation)	Wayitii xixiqqaa keessatti maal akka baratanii turan waliin murteessuu fi dhuma irratti hirmaattonni hundi maal akka barachuu qaban	Dhuma wayitii xixiqqaa ykn workishooppichaa irratti hirmaattonni hundi galma tokko gahuuf hojii wal fakkaataa hojjetu. Wayitii xixiqqaa hojii cimdiin hojjetamu, karoora tokkoon hojjetamuu fi waliin ta'uun barsiisuu irratti itti fayyadamuuf mijataadha. Kun yoo ta'u duub-deebii wayitii xixiqqaa itti aanuuf bu'a qabeessa ta'a.
Calaqqee dhunfaa (personal reflection)	Wayitii xixiqqaa ilaalchisee calaqqee taasisuu fi dhuma irratti hojii fooyyessuun raawwachuun barbaachisu.	Dhuma wayitii xixiqqaa ykn workishooppichaa irratti hojii dhunfaan hojjettu irratti fooyya'insa gochuu qabdu murteessuuf gargaara. Bu'aa wayitii xixiqqaa irraa argamuu fi calaqqee hiriyaa fi madaalliif ni fayyadu.
Sagantaa hojii (Action planning)	Hojiilee dabalataa ykn wayitii xixiqqaa leecalloo, gochaalee fi bu'aa eeggamu irratti karoorfachuu.	Dhuma wayitii xixiqqaa ykn workshooppichaa irratti karoora itti aanu qopheessuu. Wanti tokko hojii irra yoo oole faaydaa qabeessa ta'a. DOWs wanti wayitii xixiqqaa irraa baratame daree keessatti ykn iddoo hojiitti hojii irra yoo oole bu'a qabeessa ta'a.



Fakkeenya malawwan manni barnootaa T.K. itti fayyadame

Wayitii xixiqqaa ---------- Walgahii barsiisotaa

Kaayyoo wayitii xixiqqaa ----- Moojuliin wal barsiisuu fi malli baruu barsiisuu hirmaachisaan kutaalee hunda keessatti qabxii barattootaa kan fooyyessu ta'uu isaa irratti waliigaluu.

Gocha	Hojiiwwan hojjetaman tokko tokkoon	Leecalloo	Yeroo
Dadammaqsuu (Energizer)	Gaaffiilee adda addaa gaafachuun mala baruu barsiisuu hirmaachisaa irratti yaada hirmaattota irraa fuudhuu. Barsiisonni kallattii filatan irra dhaabbachuun yaada isaanii ibsu. Yaada gaafatame kan fudhatan kallattii tokkoon, kan hin fudhanne immoo kallattii kan biraan dhaabbatu 1. Malli baruu barsiisuu qabxii barattootaa ni fooyyessa. 2. Yeroo barnoonni kennamu barattoonni callisanii hordofu. 3. Barnonni daree keessatti yeroo kennamu barattoonni asii fi achi socho'uuf heyyama qabaachuu qabu. 4. Barsiisonni yeroo hundaa kitaaba barataa hordofuu qabu. 5. Gabatee gurraacha irraa garagalchuun barnoota barattootaa ni deggara.		daqiiqaa 5

Galumsa moojulii (context of module)	▪ Hogganaan daawwannaa daree keessatti gaggeeffamee fi gaafannoo barattootaa fi maatii ijoolleef dhiyaate irraa ragaa funaanameen haalli mala baruu barsiisuu hirmaachisaatti fayyadamaa jirru gadaanaa waan ta'eef barattoonni akka nuffan ta'uu isaa ibsan. Kanaaf, hirmaannaa barattootaa mana barnootichaa keessatti fooyyessuun ni barbaachisa.	▪ Qabxiile e ijoo gabatee gurraac ha irrattii fi waraqaa guddaa irratti barreeff aman	Daqiiqaa 10
Yaada maddisiisu u (Brain storming)	▪ Malli baruu barsiisuu hirmaachisaa maal akka ta'e dhunfaan ykn cimdiin yaada akka maddisiisan gochuu.		Daqiiqaa 10
Marii gareen booda hojii garee irra naanna'uu n daawwach uu (Group discussion followed by gallery walk)	▪ Gaaffiilee armaan gadii garee miseensota 6 qabuun irratti mari'adhaa. ▪ Qabxii barattootaa fooyyessuuf gosa mala baruu barsiisuu hirmaachisaa isa kamitti fayyadamna? ▪ Isa kamtu mijataa dha, isa kamtu miti?	Waraqaa fi qalama	Daqiiqaa 20
Calaqqee dhunfaa	▪ Maal irratti fooyyii qabda, isa kam irratti shaakala gochuu qabda?		Daqiiqaa 5

Inni itti aanee dhufu maal? (what nest?	▪ Hogganaan qabxiilee ijoo marii garee irraa ka'an irratti yaada xumuraa kennuun daawwannaan mana barnootaa maal akka xiyyeeffatu wal barsiisa.	Qabxiilee ijoo gabatee gurraachaa fi waraqaa guddaa irratti barreeffaman.	Daqiiqaa 10

Wayitii xixiqqaa kan biroo karoorsuu

Wayitiiwwan xixiqqaan DOW tokko tokko karoora adda ta'e barbaadu. Waan hundaafuu kaayyoon wayitii xixiqqaa yeroo hundaa ifa ta'uu qaba.

Armaan gaditti fakkeenyi sadi dhiyaatee jira.

1. Mana barnoota kan biraa daawwachuu

   Wantoota karoorichi hammatu:

   - ✓ geejjiba
   - ✓ mala walqunnamtii
   - ✓ carraa jiru
   - ✓ yeroo daawwannaan itti gaggeeffamu
   - ✓ yeroo calaqqeen poortifooliyoo keessatti itti barreeffamu

2. Wayitii xixiqqaa daawwannaa hiriyaa

   Wantoota karoorichi hammatu:

   - ✓ Yeroo daawwannaan itti gaggeeffamu
   - ✓ wantoota daawwannaa irratti xiyyeeffataman
   - ✓ yeroo calaqqee
   - ✓ yeroo calaqqeen poortifooliyoo keessatti itti barreeffamu

3. Hojii barattootaa barnoota duraa fi booda akkasumas barannoowwan tartiibaan dhiyaatan sakatta'uu.

   Wantoota karoorichi hammatu:

- ✓ Barannoo itti fayyadamtu
- ✓ Yeroo qabxii barattootaa barannoon dura itti sakatta’uu.
- ✓ Akaakuu itti sakatta’amu
- ✓ Yeroo barannoo duraa fi booda sakatta’uuf oolu.
- ✓ Yeroo calaqqeen poortifooliyoo keessatti itti barreeffamu.

. Karoora wayitii xixiqqaa tokko moojulii mana barnoota keetiif qopheessi.

Kooppii karoora kanaa dabalata keessatti ni argatta.

Yadaadhu - Kaayyoon wayitii xixiqqaa jalqabbii bu’a qabeessa ta’edha.

Moojulii yoo xumurtu maal goota?

Moojulii xumuruu jechuun waan beekuu qabdu hunda barattee fixxee jirta jechuu miti. Kana booda shaakala gochuu ni dhaabda jechuus miti. Dagaagina Ogummaa Walittifufaa jechuun dandeettiiwwan kanneen gabbisuuf ittifufiinsaan “raawwachuu” fi “keessa deebi’uun ilaaluu” jechuudha.

Dhuma moojulichaa irratti:

- ✓ Waan baratte irratti calaqqee ni taasista. Jijjiirama daree keessatti mul’ate ni hubatta.
- ✓ Dandeettiiwwan ati gonfatte adda baasta.
- ✓ Dandeettiiwwan baratte hojii irra oolchuu itti fufta.

Calaqqee

Inni kun yeroo ammaa waan raawwachuu qabdudha.



- Wayitii xixiqqaa DOW akkamiin akka karoorfattu ni beekta.
- Barannoo hirmaachisaa DOW gosa adda addaa ni beekta.
- Karoora wayitii xixiqqaa DOW mana barnootaa ni qopheessita.


Haala hubannaa fi fooyya’insa kee calaqqisi.

Karoora DOW mana barnootaa fi dhunfaa qopheessuuf amantaa of irratti horattee?

Shaakala dabalataa barbaaddaa?

Gulantaa 3

DOW Raawwachuu



Fedhii xinxaltee jirta.

Dhimma dursi kennamuuf addaan baaftee jirta.

Karoora waggaa barreeffattee jirta.

Karoora Moojulii DOW mana barnootaa qopheeffattee jirta.

Karoorri moojulii wayitii xixiqqaa hundaaf akkamiin akka qophaa’u hubattee jirta.



Moojulii mana barnootaa raawwachuuf amma qophiidha.

Moojulii DOW mana barnootaa kee akkamitti raawwatta?

Gulantaa sadeen marsaa DOWtti gargaarami.

Raawwachuun tartiba gochaalee ‘Karoorsuu’; ‘raawwachuu’ fi keessa deebi’uun ilaaluu ti.

1. Wayitii xixiqqaa kee isa duraa raawwadhu.
2. Milkaa’ina isaa keessa deebi’uun ilaali.
3. Wayitii xixiqqaa jalqaba raawwatte irratti hundaa’uun karoora itti aanu qopheessi.
4. Wayitii xixiqqaa lammaffaa raawwadhu.
5. Adeemsa kee keessa deebi’ii ilaali.
6. Waan hanga ammaatti raawwatte irratti hundaa’uun wayitii xixiqqaa sadaffaa karoorfadhu.
7. Bu’aa argame hubachuun jijjiirama moojulii mana barnootaa irratti

taasifamuu qabu irratti murtii kenni.

8 Karoora wayitii xixiqqaa itti aanu qopheessuu itti fufi. W.K.F, W.K.F…

Adeemsi moojulii akkamitti keessa deebi'amee ilaalama?

Keessa deebi'anii ilaaluun raawwii moojulii DOW keessatti itti fufiinsaan kan gaggeeffamuu qabudha. Itti gaafatamummaan kun kan hogganaa/ttoota moojulii yoo ta'u raawwii isaaf deggarsa hirmaattota irraa argachuu danda'u.

Yeroo wayitii xixiqqaan tokkoon tokkoon isaa itti raawwatu

Adeemsa raawwii wayitii xixiqqaa keessatti bu'aa qabeessummaa waan bifa barnootaan dhiyaate sanaa sakatta'uu fi bakka barbaachisaa ta'etti jijjiirama taasisuu.

Raawwii wayitii xixiqqaa booda

Qabiyyeen wayitii xixiqqaa bu'a qabeessa kan ture ta'uu isaa yaada hirmaattotaa irraa akkasumas yaada sakatta'uun argamu irratti hundaa'uun murteessuu. Barbaachisaa yoo ta'e wayitii xixiqqaa itti aanu irratti jijjiirama taasisuu. Fakkeenyaaf: hirmaattonni kaayyoo wayitii xixiqqaa guutummaatti hin hubanne ta'u ykn waan karoorfatte hojii irra oolchuuf yeroo gahaa hin qabdu ta'a.

Yeroo moojuliin qophaa'utti keessa deebi'anii ilaaluu

Adeemsa qophii moojulii duubatti deebi'anii ilaaluun moojulicha irratti waan sirraa'uu qabu sirreessuu.

Raawwii DOW haala qubsaa ta'een xumuruu keessatti rakkooleen armaan gadii si qunnamuu danda'u.


- ✓ Moojulii mana barnootaa raawwachuu keessatti kaka'umsa qabaadhu.
- ✓ Rakkoolee mudachuu danda'an adda baasuuf qophii ta'i.
- ✓ Rakkoolee hiikuu fi cimsitee itti fufuu.
- ✓ Karoora kee jijjiiruu qabda yoo ta'e hin dhiphatin.
- ✓ Barachuun yeroo hundaa salphaa miti.
- ✓ Barsiisonni tokko tokko gochaawwan adda addaa akka raawwatan yoo itti himamu sodaan itti dhagahamuu danda'a
- ✓ Of hin dhiphisin.

- ✓ Dhimmoota akka ulfaatina isaaniitti duraa duuba qabsiisi.
- ✓ Yaada haala qabatamaa irratti hundaa'uun jijijjiiruu.

Hubadhu, hojii tokko irra deddeebitee yoo hojjettu salphaa ta'aa dhufu.

Gulantaa 4

DOW akkamiin madaalta?



Moojuliinn DOW mana barnootaa milkaa'uu isaa akkamiin beekta?



Xumura gulantaa 4 booda: ▪ Moojuliin mana barnootaa akkamitti akka madaalamu ni beekta. ▪ Ragaalee gaariin eessatti akka argaman ni hubatta. ▪ Marsaa DOW guutummaatti xumuruuf qophii taata.

Karoora kee jalqaba irratti haala gaariin yoo qopheessite, bu'a qabeessummaa isaa salphumatti mirkaneessuun ni danda'ama.
Moojulii mana barnootaa keessatti gochawwan adda addaa irratti calaqqee fi madaallii gaggeessuuf carraan gariin ni jiraata.

Yaa ta'u malee dhuma irratti moojulii mana barnootaa guutummaatti madaaluu qabda.

Dhuma moojulii mana barnootaa irratti, karoora DOW irratti roga isa dhumaa irra deebi'ii ilaali.

- Jijjiirama maalii arguu barbaadda?
  Milkaa'uu kee beekuu qabda.

Haala Gaariin Hin Raawwannee?

Carraa Fooyyessuuf Jiru

Walakkaa irra kan jiru

Ragaan ni barbaachisa

Haala namoonni itti dubbatan irratti hundaa'uun murteessuun yeroo hunda faaydaa kan qabu ta'uu hin danda'u. Fakkeenyaaf: "Namni kamiyyuu itti gammadee jira; Nyaanni gaarii ture; Dura-bu'aan gammadee jira, Hogganaan Biiroo Barnootaa baay'ee kofle ---

Ragaa Eessaa Argatta?



Madda odeeffannoo jijjiiramni jeraachuu isaa agarsiisu irraa!!
Fakkeenyiwwan gaariin armaan gaditti dhiyaatanii jiru.

- ✓ Bu'aa sakatta'uun argame
- ✓ To'annaa yeroo (atteendace)
- ✓ Galmee barsiisotaa
- ✓ Karoora barannoo fi madaallii
- ✓ Galmee daawwannaa daree
- ✓ Hojii barattootaa ilaaluu
- ✓ Jijjiirama amalaa hubatamu
- ✓ Barsiisotaaf ykn barattootaaf gaaffii qomaa dhiyeessuu
- ✓ Bu'aawwan gaafannoo
- ✓ Agarsiisa daree keessaa

- ✓ Galmee walgahii
- ✓ Madaallii karoora fooyya’insa mana barnootaa
- ✓ Poortifooliyoo
- ✓ Galmee madaallii raawwii hojii waggaa

Yaada namoota irraa funaanta yoo ta’e, yaadooleen kunniin qabatamaatti xiinxalamuu qabu.



Fakkeenya Mana Barnootaa T.K.

Jijjiirama akkamii arguu barbaanna?

Dawwannaan barannoo mala baruu barsiisuu fooyya’e agarsiisanii?

Ragaa - Galmee daawwannaa daree barannoo herregaa fi duub-deebii kenname.

Qabxiin battallee gosa barnootaa adda addaa faana yoo ilaalamu giddu galeessaan fooyya’ee?

Ragaa - Qabxii battallee gosa barnoota hundaa kan bara kanaa fi kan waggoota lamaan darbanii.

Barattoonni barnoota herregaa jaalatanii?

Ragaa - Bu’aa gaafannoo fi gaaffii qomaa barattoota irraa argame.

.

Moojuliin mana barnootaa fi dhunfaa akka xumurameen madaallii gaggeessuun ni danda’ama.

Marsaan DOW gulantaa 1, 2 fi 3 akka xumurameen gara gulantaa 4 tti darbi.

Kana booda moojulii mana barnootaa madaaluuf ragaa maalitti akka fayyadamtu murteessi.

Xumura moojulii mana barnootaa fi dhunfaa irratti ragaa irratti hundaa’uun gabaasni gabaabaan qindaa’ee galmee DOW keessatti qabamuu qaba. Gumaachi raawwii moojulii namoonni dhunfaan godhan poortifooliyoo

dhunfaa isaanii keessatti galmaa’uu qaba. Manni barnootichaa dhimma kana raawwachuun akka danda’amu yeroo qabuufii qaba.



Fakkeenya Mana Barnoota T.K.

Gabaasa dhimma 2ffaa DOW keessatti dursi kennameef

Dhimma dursi kennameef - Gorsitoota barsiisota haaraaf ramadaman leenjisuu

Hirmaattota DOW - Gorsisotta hunda

Itti gaafatamaan - Dura bu’aa

Yeroo itti eegaluu fi xumuramu - Jalqaba samisteera 1 hanga dhuma samisteera 2

Jijjiirama maal arguu barbaanna? - Gosrsitoonni gahee kennameef bahuuf of irratti amantaa horatu.

- Qophii karoora barannoo, mala baruu barsiisuu fi mala madaallii barsiisota haaraa fooyya’e.

Nama tokkoon ala gorsitoonni hundi moojulii mana barnootaa xumuranii jiru. Boontuun torban afur booda sababa dhunfaan gara mana barnoota kan biroo deemte.

Moojuliin yeroon eegalamee yeroon xumurame

Jijjiiramoonni dhuma moojulii booda dhufan kanneen armaan gaditti dhiyaatandha.

1. Gorsitoonni gahee isaanii bahuuf of irratti amantaa horatanii jiru.

Ragaan kan funaaname:

- Barsiisota haaraaf gaaffii qomaa dhiyeessudhaan
- Walgahiiwwan adda addaa daawwachuun

Barsiisonni haaraan gorsitoota isaanitiin haalaan kan deggaraman ta’uu isaanii ibsan. Yaada gaarii kennaniif. Yeroo hundaa gaaffii isaan dhiyeessaniif deebii kennuuf.

Walgahiiwwan haalaan karoorfamanii sa’aa kabajuun ni gaggeeffamu. Hojiin waraqaa irratti hojjetamu yeroo isaatti qindaa’ee xumurama.

Gorsitoonni gahee kennameefitti ni gammadu. Ilaalchi gaariin ni kennamaaf Fooyya’insa manneen barnootaafis ni qumaachu

2. Qophii karoora barannoo, mala baruu barsiisuu fi mala madaallii

barsiisota haaraa fooyya'e.

Ragaan kan funaaname:

- Galmee daawwannaa barannoo
- Karoora barannoo fi madaallii
- Bu'aa sakatta'uun argame

Dhuma samisteera lammaffaa irratti barannoowwan daawwataman hundaaf karoorri barannoo dhiyaatee jira. Barannoowwan kennaman kaayyoo qophaa'aniif 80% galmaan gahanii jiru. Dandeettii barattootaa waliinis kan wal gitandha. Samisteera lammaffaa irratti barattoonni dammaqinaan yoo hirmaatan daawwatamee jira. Leecalloonis haalaan hojii irra oolee jira. Samisteera lammaffaa irratti barsiisota haaraa kudha tokko keessaa kudhan barannoo isaanii madaalanii jiru. Bu'aa madaallii kanas karoora itti aanu qopheessuu irratti itti fayyadamanii jiru. Dhuma waggaa irratti bu'aan madaallii barattootaa barsiisota haaraan gaggeeffame fooyya'ee jira. Barsiisota haaraa kudha tokko keessaa saglan isaanii toftaa madaallii walittifufaa milkaa'aatti fayyadamanii jiru.

Bu'aa(out come)

Dhimmi sagantaa DOW keessatti dursi kennameef galma gahee jira. Sadarkaa giddu galeessa irra jirra jechuun ni danda'ama. Barsiisonni haaraan sagal gahumsa ogummaa muuxannoo qabaniin wal gitu gonfatanii jiru. Lamaan isaanii amala barattootaa to'achuu fi toftaa madaallii irratti leenjii dabalataa barbaadu. Gorsi barsiisota haaraaf kennamee fi sadarkaan raawwii isaanii wal sima. Kana irraa ka'uun gorsitoonni lama deggarsi dabalataa kan isaan barbaachisu ta'uun isaa ni hubatama. Gorsitoonni kuun gahee kennameef galmaan gahuuf of irratti amantaa kan qabanii fi gara fuula duraattis barsiisota haaraa gorsuu kan

Hojii itti aanu

Gorsitoota lamaaniif deggarsa kennuun gahumsa isaanii fooyyeffatanii gorsuu akka danda’an gochuuf

1. Leenjii madaallii walitti fufaa ilaalchisee gurmuu manneen barnootaa irratti kennamu irratti hirmaachuu.
2. Barsiisaa madaallii walittifufaa irratti gahumsa qabu daawwachuu.
3. Madaallii barnootaa ilaalchisee supparvaayzara gurmuu manneen barnootaa waliin walgahuun marii gaggeessuu.
4. Torban tokkoof gorsaa milkaa’e duukaa bu’uu.

Inni itti aanu maal?



Madaallii milkaa’ina moojulii mana barnootaa fi dhunfaa irratti hundaa’uun filannoowwan adda addaa jiraachuu danda’u. Hojii isa duraa irratti milkooftee jirta yoo ta’e dhimma dursi kennameef isa lammaffaatti ce’uu ni dandeessa. Yaa ta’u malee, hojii isa dursaa irratti hin milkoofne taanaan dhimma kana karoora DOW isa itti aanu keessatti qabachuu ykn qabachuu dhiisuu irratti murteessuu qabda.

Haala Gaariin Hin Raawwannee?

Moojuliin mana barnootaa milkaa'ee jira yoo ta'ee fi kaayyoon yaadame galma gahee jira ykn itti dhiyaatee jira yoo ta'e, kana booda dhimma dursi kennamuuf ta'uu hin danda'u. Ta'us, dhimmichi sadarkaa amma irra gaheen kan itti fufaa jiru ta'uu isaa hordofuun barbaachisaa dha.


Carraa Fooyyessuuf Jiru

Adeemsi isaa hagas mara yoo ta'ee fi fooyya'insi jiru xiqqaa yoo ta'e, karoora DOW isa itti aanu keessatti dhimma dursi kennamuuf ta'ee irratti karoorfamuu danda'a.

Walakkaa irra kan jiru

Raawwii moojulii mana barnootaan milkaa'inni hanga ta'e jira yoo ta'e, karoora DOW itti aanu keessatti qabamuu dhiisuu danda'a. Yeroodhaaf kan bira darbamu ta'ee gara fuula duraatti garuu irra deebiin kan ilaalamu ta'a. Garuu hordoffiin jiraachuu qaba.

Baga Gammadde Marsaa DOW al-tokko xumurtee jirta Amma Maal Goota?



Irra Deebi’ii Eegali ! ! !

Muuxannoo DOW Dhunfaa

 **Muuxannoo DOW mana barnoota T.K**

Maqaa - Tolaa

Gahee hojii - Dura bu’aa M/Barnootaa T.K.

Bara darbe dhimmi sagantaa DOW keessatti dursi kennameefii ture maal?

Yeroo dheeraaf barsiisaa herregaa ta’ee kanan hojjechaa ture ta’us, dura bu’aa mana barnoota T.K. ta’ee ramadamuun koo yeroo jalqabaaf dha. Madaalliin gosa barnoota kan biroo irratti akkamiin akka gaggeeffamu barachuun barbaada.

Dhimma sagantaa DOW keessatti dursi kennameef galmaan gahuuf maal goota?

Mala baruu-barsiisuu fooyya’aa ta’e hubachuuf jecha wirtuu gurmuu manneen barnootaa daawwachuuf karoorfadhee jira. Ji’oota lamaaf yeroo hunda guyyaa Roobii ganama ganama dareewwan adda addaa kan marsaa 1ffaa daawwadhee jira.

Moojulii DOW hojii irra oolchuun jijjiiramni argame maal?

Barsiisota muuxannoo qaban daree keessatti daawwachuun bu’a qabeessa ture. Daree keessatti fooyya’insi mul’ate hangam akka ta’e hubachuuf

madaalliin walittifufaa na gargaaree jira. Leecalloowwan adda addaa barnoota herregaa irra gosa barnoota adda addaa keessatti akkamiin akkan itti fayyadamu yaada gaarii argadhee jira.

Darbee darbee yeroo muraasa mana barnoota T.K. tiin ala dabarsuun baay'ee rakkisaadha. Sababni isaas mana barnootaa kootti yeroo baay'ee waanan dabarsuufdha. Wiirtuu gurmuu manneen barnootaa haala karoorfameen deemuun qaba. Barsiisota kan biroo waliin waanan hojjedheef yeroo ammaa barsiisota mana barnoota T.K. deggaruuf of irratti amantaa horadhee jira.



Muuxannoo DOW mana barnoota T.K.

Maqaa - Caaltuu

Gahee hojii - Ani barsiisaa haaraa marsaa 2ffaa M/Barumsaa T.K. ti.

Bara darbe dhimmi sagantaa DOW keessatti dursi kennameefii ture maal?

Rakkoon koo inni guddaan daree keessatti barattoota to'achuudha. Barattoonni marsaa 2ffaa waanan ani barsiisu irratti fedhii kan hin qabne ta'uu isaaniin hubadhe. Daree keessatti baay'ee haasa'u. Hojii manaa kennamuuf hin hojjetan.

Dhimma sagantaa DOW keessatti dursi kennameef galmaan gahuuf maal goota?

Gorsituu koo waliin walgahii gooneen dandeettii hoggansa daree ilaalchisee daree keessatti

daawwatte irratti marii gaggeessine. Daawwannaa dareen booda, gorsituun koo barsiisaa

Hasan fi supparvaayzara aanaa waliin toftaa daree barnootaa to'achuuf itti fayyadamu

irratti akkan mari'adhu naaf qindeessite. Gorsituun koo barsiisaa dursaa mana barnootaa

T.K. waliin amala barattootaa to’achuu ilaalchisee torban sadi keessatti daree barnoota sadi

daawwachuu akkan danda’u sagantaa naaf qabde.

Moojulii DOW hojii irra oolchuun jijjiiramni argame maal?

Marii Hasan waliin gaggeeffameen, barannoo koo haalaan karoorfachuu eegalee jira. Daree keessattis barattoonni koo hirmaannaan isaanii cimee jira. Inni kunis amalli barattootaa akka fooyya’u taasisa. Anis barattoota kootiif badhaasa adda addaa kenneefiin onnachiisa. Barsiisota mana barnootaa keenyatti kanneen dursaa ta’an keessaa nama tokko qofa daree keessatti daawwachuu danda’ee jira. Kunis kan ta’e hojiin isaanitti waan baay’ateef ture. Gara fuula duraatti daree ishii seenee daawwachuun waan heddu barachuuf nan yaala. Dareen daawwadhe keessatti, barannoo daree sanaa otuu hin xumurin barannicha cimsuun dura hojii manaa barattootaaf kennuu akkan qabu baradhee jira. Gochi kun waanan xumuruu qabu ifa godhee ibsuu akkan danda’uu fi hojiin manaa barattootaaf kennamu ifa akka isaaniif ta’u taasisa.



Muuxannoo DOW mana barnoota T.K.

Maqaa - Hasan

Gahee Hojii - Supparvaayzara aanaa, m/barnoota T.K.

Bara darbe dhimmi sagantaa DOW keessatti dursi kennameefi ture maal?

Supparvaayzara aanaa ta’ee ramadamuu kootiin baay’een itti gammade. Sababni isaas barsiisaa Fiiziksii ta’ee ciminaan waanan hojjechaa tureef guddinaan Supparvaayzarummaatti waanan ramadameefdha. Hojii akkan

eegaleen gaheen hojii koo maal akka ta’e ifatti hin beeku ture. Barattoota, barsiisotaa fi hawaasa wiirtuu gurmuu manneen barnootaa keessa jiraniif waan gaarii hojjechuu kanan danda’u ta’uu koo mirkaneeffachuun barbaada. Dura bu’oota manneen barnootaa waliin hojjechuu irratti muuxannoo hin qabu. Qaamoleen kunis ana irraa maal akka eegan hin beeku.

Dhimma sagantaa DOW keessatti dursi kennameef galmaan gahuuf maal goota?

Workishooppii BBOn guyyaa shaniif mata duree “Gahee Supparvaayzara Gurmuu manneen Barnootaa” jedhuu qindeesse irratti hirmaadhee jira. Supparvaayzara aanaa muuxannoo gahaa qabu tokko guyyaa lamaaf duukaa bu’ee jira.

Moojulii DOW hojii irra oolchuun jijjiiramni argame maal?

Workishooppii guyyaa shaniin garaagarummaa supparviizyinii fi inispeekshinii gidduu jiru hubadhee jira. Yeroo ammaa maal gochuu akkan qabu amantaa of irratti cimsachuun wirtuu Gurmuu manneen Barnootaa yoom akkan daawwadhuu fi qabxiilee ilaalamuu qaban akkan hin daganne cheekliistii nan qopheessa. Adeemsa kana keessa wantoota barannoo bu’a qabeessa taasisan nan hubadha. Barannoo daawwachuun kutaalee sadi kan qabu ta’uu isaa beekee jira. Isaanis walgahii daawwannaa dareen dura barsiisaa waliin gaggeeffamu, daawwannaa daree gaggeessuu fi walgahii daawwannaa dareen booda gaggeeffamudha.

Yeroo ammaa hiriyoonni koo kan muuxannoo bal’aa qaban manneen barnootaa yeroo daawwatan hordofee jira. Gahee hojii koo isa haaraa kana irratti dura bu’oonni fi barsiisonni ana irraa maal akka eegan hubadhee jira. Ammallee dhimma sagantaa DOW yeroo dheeraa keessatti fooyyeffachuu barbaadu adda baafachuun, moojulii DOW walitti hidhamiinsa aanaa waliin jiru cimsu qopheessuun barbaada.

Kitaabilee Wabii

Anderson, L. (2004) Increasing Teacher Effectiveness. Paris. UNESCO

Anderson, S.E. (Ed). 2002. School Improvement through Teacher Development. Lisse, The Netherlands.

Boyle, B., Boyle, T. & While, D. (2003) A Longitudinal Study of Teacher Change: What Makes Professional Development Effective? Working Paper No.1, Institute for Political and Economic Governance (IPEG), Manchester.

Craig, H.J., du Plessis, J. & Kraft, R.J. (1998) Teacher Development: Making an Impact. Washington DC, USAID/ World Bank.

Egan, D. & Simmons, C. (2002) The Continuing Professional Development of Teachers: International and professional contexts, Cardiff, UCW.

Engels, J. (2001) Making Classrooms Talk: Uganda Sustains Its Teacher Improvement and Support System. Washington DC.

Feiman-Nemser, S., (2001) From Preparation to Practice: Designing a Continuum to Strengthen and Sustain Teaching

Fredriksson, U. (2004) Quality Education: The Key Role of Teachers. Working Paper No. 14, Brussels, Education International.

Hawley, W. & Valli, L. (1999) The Essentials of Effective Professional Development: A New Consensus, in Darling-Hammond, L. & Sykes, G. (eds), Teaching as the Learning Profession: Handbook of Policy and Practice, Jossey Bass, San Francisco.

Kubow, P. K. & Fossum, P.R. (2003) Comparative Education: Exploring Issues International Context. Upper Saddle River NJ: Merrill Prentice Hall.

Leu, E. (2004) The Patterns and Purposes of School Based and Cluster Teacher Professional Development. Washington, DC, USAID.

Leu, E. (2005) The role of teachers, schools and communities in quality education: A review of the Literature. AEDGEC.

Leu, E., Hays, F., Leczel, D.K. & O'Grady, B. (2005) Quality Teaching: Building a Flexible and Dynamic Approach. AEDGEC.
Lewin, K. M. & Stuart, J.S. (2003) Research Teacher Education: New Perspectives on Practice, Performance and Policy. DFID Research Series 49a.

MacNeil, D. J. (2004) School- and Cluster-based Teacher Professional Development: Bringing Teacher Learning to Schools. Working Paper 1. Washington DC. USAID, EQUIP1.

OECD Report, (2005:128)

Perspectives on Practice, Performance and Policy. (2003) MUSTER Synthesis Report, Sussex, DFID Educational Papers.

Schwille, J. & Dembele, M. (2007). Global Perspectives on Teacher Learning: Improving policy and practice. Paris, UNESCO.

Simpkins, K. (2009) Quality Education and the Essential Need for School Improvement. Unpublished paper, Ministry of Education, Addis Ababa

Soler, J., Croft, A. & Burgess, H. (eds) (2001) Teacher Development: Exploring our own practice. London.

Sparks, D., and Loucks-Horsley, S., (1990) Handbook of Research on Teacher Education

Uganda Government. Development and Management Systems (TDMS) Programme, Kampala, Ministry of Education and Sports.
Uganda Government. (2000) Final Report on the Evaluation of the Teacher. Kampala, Ministry of Education and Sports.

Villegas-Reimers, E. (2003) Teacher Professional Development: An international review of the literature. Paris, IIEP-UNESCO.